

AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI
KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 5^{FFAA}



Kitaaba Barattootaa Kutaa 5^{FFAA}



Ofeeggannoo Kitaabichaaf Godhamuu Qabu

Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keeti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafuu, qajeelfamoota armaan gadii sirriitti hojiirra oolchi!

1. Kitaabicha waraqaa, laastikaafi kkf golgi!
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka jiidha hinqabneefi qulqullina qabu kaa'ii!
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu!
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin!
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa yookaan kaardii qulqullina qabuutti fayyadami malee hindachaasin!
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun yookaan fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha!
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi!
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane ofeeggadhu!
9. Kitaaba kana yeroo dubbistu minjaalarra kaa'ii dubbisi!

AFAAN OROMOO
(AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI)
KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 5^{FFAA}

MADAQSUUN KAN QOPHEESSAN

HAYILUU LAMMEESSAA (MA)

YEWUUBDAAR AYYAALEW (MA)

GULAALAA

TAFARII KUMSAA (PhD)

GIRAAFIKSII

TSAGGAASILLAASEE MIIDHAKSAA

FAKKIBSAA

DASSAALeny TASFAAYEE

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, 2015/2023



© **Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, 2015/2023**

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Yuunivarsiitii Barnootaa Kotobeetiin bara 2015/2023 qophaa'e. Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Eeyyama Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin ala guutummaan is ta'e gartokkeen maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata

Qabiyyee

Fuula

BOQONNAA TOKKO: MANA BARUMSAA KOO	1
BOQONNAA LAMA: WAQITIILEE	9
BOQONNAA SADII: WALGARGAARSA	17
BOQONNAA AFUR: NAGEENYA TIRAAFIKAA	29
BOQONNAA SHAN: ISPOORTII	37
BOQONNAA JAHA: TAPHOOTA AADAA	47
BOQONNAA TORBA: SABQUNNAMTII	70
BOQONNAA SADDEET: KOORNIYAA	81

BOQONNAA TOKKO

MANA BARUMSAA KOO

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi!

1. Meeshaaleen daree barnootaa kee keessa jiran maalfa'i?
2. Tajaajilli meeshaalee daree barnootaa keessatti argamanii maali?

Gilgaala 2: Barruu siif dubbisamu dhaggeeffataa gaaffilee asii gadii deebisi!


1. Fakkiileen mana barnootaa kee keessatti argaman maal fa'i?
2. Kaartaawwan mana barnootaa kee keessatti argaman maal fa'i?

Barannoo 2: Maqaa fakkiifi kaartaa himuu


Gilgaala 3: Fakkiifi kaartaa adda baasii himi!




A. Itoophiyaa




B. Qaama namaa




C. Oromiyaa




D. Ilbiisa




E. Afriikaa



F. Qaamolee mukaa




G. Addunyaa



H. Sirna bullaa'insa nyaataa

Gilgaala 4: Kaartaafi maqaa isaanii walitti firoomsi!




a) Kaartaa Ardiilee



b) Kaartaa Afrikaa




c) Kaartaa Oromiyaa



d) Kaartaa Naannolee Itoophiyaa


Gilgaala 5: Fakkiifi ibsa isaa walitti firoomsi!

1.




a) Qaamolee mukaa

2.




b) Sirna bullaa'insa nyaataa

3.



c) Qaamolee ilbiisaa

4.



d) Qaamolee namaa

Barannoo 3: Walaloo dubbisuu**Gilgaala 6: Walaloo armaan gadii irra deddeebiin dubbisi!****Barnoota**

Guca halkaniifi guyyaa
 Yaa ibsituu addunyaa
 Kan fagoo dhi'yeessitee
 Waa hunda agarsiistee
 Dhokataa ifa baastaa
 Tooftaan hojii salphistaa
 Doofummaa balleessitaa
 Kanaafuu si jaalannaa
 Si argachuufis nidhamaanaa

Gilgaala 7: Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi!

1. Walaloo dubbiste irraa maal hubatte?
2. Akka walaloo kanaatti namni maaliif barnoota jaalata?

Barannoo 4: Jechoota waliin deeman dubbisuu

Gilgaala 8: Jechoota armaan gadii walitti fiduun dubbisi. Hiika isaanis barreessi!

A

1. Fuula
2. Dungoo
3. Barnoota
4. Kitaaba
5. Biqiltuu

B

- A. dhaabuu
- B. barachuu
- C. qabsiisuu
- D. dubbisuu
- E. dhiqachuu

Barannoo 5: Jechoota waliin deemaniin himoota ijaaruu

Gilgaala 9: Jechoota waliin deeman armaan gadiitiin hima ijaarii dubbisi!

kitaaba dubbisuu
buna danfisuu

bishaan dhuguu
xalayaa barreessuu

laaqana nyaachuu
kubbaa taphachuu

Fakkeenya 1. Meetiin kitaaba dubbisuu jaalatti.

2. _____ .
3. _____ .
4. _____ .
5. _____ .

Barannoo 6: Lakkoofsa jechaan barreessuu

Gilgaala 10: Lakkoofsa gabatee armaan gadii keessaa sagalee ol kaasuun dubbisi!

21	22	23	24	25	26	27	28	29	30	31	32	33	34	35
36	37	38	39	40	41	42	43	44	45	46	47	48	49	50

Gilgaala 11: Lakkoofsota jechaan barreessaa dubbisi!

Lakkoofsaan	Jechaan	Lakkoofsaan	Jechaan
21		36	
22		37	
23		38	
24		39	
25		40	
26		41	
27		42	
28		43	
29		44	
30		45	
31		46	
32		47	
33		48	
34		49	
35		50	

Barannoo 7: Jechoota hiika faallaa

Gilgaala 12: Jechoota A jala jiran hiika faallaa isaanii B jalatti kennamaniin walitti firoomsuun dubbisi!

A

1. Halkan
2. Fagoo
3. Salphisuu
4. Adii
5. Jaalachuu
6. Mirga
7. Dhoksuu

B

- a. dhihoo
- b. jibbuu
- c. mullisuu
- d. bitaa
- e. guyyaa
- f. cimsuu
- g. gurraacha

Barannoo 8: Waliin dubbii

Gilgaala 13: Gaaffiifi deebii armaan gadii dubbisi!

Moonenus: Akkam bulte Ifnaan?

Ifnaan: Akkam bulte Moonenus?

Moonenus: Dabtarri kun meeqa?

Ifnaan: Qarshii digdamii tokko.

Moonenus: Kan gurguraa hoo?

Ifnaan: Digdamaan fudhadhu.

Moonenus: Tole. Hoodhu.

Gilgaala 14: Fakkeenya olii hordofuudhaan lama lama ta'uudhaan shaakalaa!

BOQONNAA LAMA

WAQTIILEE

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii fakkii kenname irratti hundaa’uun deebisi!



1. Fakkiilee olii irraa maal hubatta?
2. Waqtiin maali?
3. Waggaan tokko waqtiilee meeqa qaba?

Gilgaala 2: Gaaffilee armaan gadii barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti!

1. Waggaan tokko waqtiilee ____ qaba.
2. _____ waqtii ililliin itti daraaru.
3. Bonni waqtii _____ aanee argamu.
4. _____ qophiin qonna gannaa kan itti eegaludha.

Gilgaala 3

A. Waqtiileefi gochoota keessatti raawwataman walitti firoomsi.

Bona

Birraa

Arfaasaa

Ganna

Fakkeenya

Lafa qotuu eegaluu = Arfaasaa

1. Midhaan dhahuu
2. Oomishni asheetuu
3. Midhaan facaasuu

B. Deebii Gaaffilee gadii afaaniin dareef ibsi!

1. Naannawa ati jiraattutti, waqtiileen waggaa maaliin beekamu?
2. Hojiileen ijoo waqtiilee waggaa keessatti raawwataman maalfa'i?
3. Waqtiilee afran keessaa kam jaalatta? Maaliif?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gaaffilee armaan gadiirratti hiriya kee waliin mariyachuun deebisi!

1. Waggaan tokko ji'oota meeqa qaba?
2. Ji'oonni waggaa kam fa'i?

Waqtiileefi Ji'oota

Waggaan tokko jijjiirama haala qilleensaafi raawwii gochootaa murtaa'aa ta'an qaba. Jijjiiramoonni waggaa kunneenis waqtii yookiin tibba jedhamu. Haala kanaan, waqtiileen waggaa tokko keessatti argaman Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna jedhamu. Waqtiileen waggaa hundinuu ji'oota sadi sadii qabu. Haala kanaan, waqtiin Birraa ji'oota Fulbaana, Onkoloolessaafi Sadaasa jedhaman of keessaa qaba. Waqtiin Bonaa ammoo, ji'oota Muddee, Amajjiifi Gurraandhala jedhaman qaba. Waqtiin Arfaasaa ji'oota Bitootessa, Eblaafi Caamsaa jedhaman of keessaa qaba. Waqtiin Gannaa ammoo, ji'oota Waxabajjii, Adoolessaafi Hagayya jedhaman qaba.

Gilgaala 5**A. Gabatee armaan gadii odeeffannoo dubbisa olii irratti hundaa’uun guuti**

Wagtii	Ji’oota		
Birraa	Fulbaana	Onkoloolessa	Sadaasa
Bona			
Arfaasaa			
Ganna			

B. Ji’oottan waggaa gabatee gadii keessaa hafan barreessuun guuti!

TL	Ji’oota	TL	Ji’oota	TL	Ji’oota
1	Fulbaana	5		9	
2		6	Gurraandhala	10	
3	Sadaasa	7		11	Adoolessa
4		8		12	

Gilgaala 6**A. Walitti makuun dubbisi!****Fakkeenya**

A – doo – les – sa = Adoolessa

1. Wa – xa – baj - jii
2. Gur – raan – dha – la
3. Bi – too – tes – sa
4. On – ko – loo – les –sa

B. Sagaleewwan maqaa ji'oottan armaan gadii qoqqooduun dubbisi!

Fakkeenya

$Ebla = Eb - la$

1. Birraa
2. Arfaasaa
3. Muddee
4. Hagayya
5. Caamsaa
6. Amajjii

Barannoo 3: Fayyadama Jechoota

Gilgaala 7

A. Jechoota armaan gadii hiikaa isaanii gabatee keessatti kennameen walitti firoomsii!

Wagtii	kurfi	callaa	Daraaraa	jalqabuu
--------	-------	--------	----------	----------

Fakkeenya

$oomisha = callaa$

1. tibba _____
2. ilillii _____
3. eegaluu _____
4. qophii _____

B. Ji'oota armaan gadii tartiiba lakkoofsaa isaanii waliin walitti firoomsi!

A

1. Ji'a lammaffaa
2. Ji'a afraffaa
3. Ji'a torbaffaa
4. Ji'a kurnaffaa
5. Ji'a kudha tokkoffaa

B

- a. Adoolessa
- b. Mudde
- c. Bitootessa
- d. Waxabajjii
- e. Onkoloolessa

Barannoo 4: Lakkoofsota jechaan barreessuu

Gilgaala 8

A. Lakkoofsaafi jechoota gadii walitti firoomsi!

A

1. torbaatamii torba
2. sagaltamii tokko
3. dhibba tokko
4. saddeettamii saddeet
5. saddeettama
6. sagaltamii sagal

B

- a. 88
- b. 80
- c. 77
- d. 91
- e. 99
- f. 100

Barannoo 5: Jechoota qubee guddaan jalqaban barreessuu

Gilgaala 9: Jechoota gabatee armaan gadii keessaa kanneen qubee guddaan jalqabuu qaban adda baasii barreessi!

kadir	roobii	fulbaana	ujuloo	nama
bona	finfinnee	kibba	kamisa	amiinaa
sadaasa	arfaasaa	leenca	caaltuu	baha
ebla	dilbata			

Fakkeenya

Qubee Guddaa

Qubee Xiqqaa

Kadir

nama

Barannoo 6: Gochimoota

Gilgaala 10: A. Gochimoota himoota armaan gadii keessatti argaman adda baasuun koorniyaan adda baasi!

Fakkeenya

A. Naataanaan kitaaba dubbisa. b. Biliseen kitaaba dubbisti.

gochima - dubbisa

gochima- dubbisti

koorniyaa - dhiira

koorniyaa - dubartii

1. Roobenus bishaan dhuge.
2. Fileetan qalama bitte.
3. Baqqalaan fuula dhiqate.
4. Biiftuun kursii irra teesse.
5. Fu'aad gara manaa deeme.

B. Jechoota gaditti kennamaniin hima ijaari!

Fakkeenya deemuu

a. Mucaan mana barnootaa deeme. (dhiira)

b. Mucayyoon mana barnootaa deemte. (dubara)

1. rafuu

2. cufuu

3. dhuguu

4. dhaamuu

5. utaalu

Barannoo 7: Keeyyata barreessuu

Gilgaala 11: Himoota armaan gadii walitti fiduun keeyyata ergaa dabarsu barreessi!

1. Dhaabaafi Hawwiin obbolaadha.
2. Mana barnootaa tokkotti baratu.
3. Hirriiba irraa yeroon ka’u.
4. Akkuma hirriibaa ka’aniin gara mana fincaanii deemu.
5. Achii booda, harkaafi fuula isaanii saamunaadhaan dhiqatu.
6. Itti aansuun, ciree nyaatu.
7. Erga nyaatanii booda, harka dhiqachuun gara mana barumsaa deemu.
8. Akkuma dhiqataniin, wayyaa mana barumsaa uffachuun dabtara isaanii qopheeffatu.

Gilgaala 12: Fakkiilee gaditti kennaman irratti hundaa’uun keeyyata jalqabame xumuri!



Bonaafi Ganna

Bonniifi Ganni waqtiilee waggaa keessatti ramadamanidha. Bonni gogiinsaan beekkama. Mukti.....

.....

.....

Ganni ammoo

.....

.....

BOQONNAA SADII

WALGARGAARSA

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Barreessuu

Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii dubbisicha osoo hin dhaggeeffatin gareen irratti mari'adhaa!

1. Daa'imman qaro-dhabeeyyii ta'an rakkoo akkamiitu irra gaha jettanii yaaddu?
2. Daa'imman miidhama qaamaa qaban barumsa isaanii irratti hanqina akkamiitu isaan mudata jettanii yaaddu ?



Gilgaala 2: Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa armaan gadii guuti!

1. Deeggarsa isaaniif taasifamuu qabu keessaa inni tokko akka isaan baratan haala _____ dha.
2. Ulee _____ isaan agarsiistu bituun kennuufidha.
3. Daa'imman _____ gama barbaachisaa ta'een gargaaruun gahee namoota hundumaati.

Gilgaala 3: Gaaffilee armaan gadii dubbisicha dhaggeeffatte irratti hundaa'uun barreeffamaan deebii kenni!

1. Deeggarsi qaro- dhabeeyyiif taasifamu maalfa'i?
2. Meeshaa barattoonni qaro-dhabeeyyiin irraa dubbisuuf itti gargaaraman maal jedhama?
3. Qaro- dhabeeyyii gargaaruun ga'ee eenyuuti?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4

1. Maqaa Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa dhageessee beektaa? Yoo dhageesse hojii maalii hojjetu?
2. Walgargaarsa jechuun maal jechuudha?
3. Nama gargaartee beektaa?



Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa

hirmaachuuf gara Wallootti imalan. Sirna kabajaa amantii gaggeessuuf Wallootti kan argaman Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa sababa gogiinsaafi beela Wallootti mudateen daa'imti tokko reefa haadha ishee irra ciisuun harma yemmuu hootu arguu isaanitti baay'ee gaddi cimaan itti dhagayamuu isaatiin, daa'imtittii fudhachuun gara Finfinneetti deebi'an.

Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa firootaafi gaa'ila isaanii irra ijoollee maatii hinqabneefi gargaarsa dhaban filatan. Yeroo jalqabaaf daa'imman 21 qabatanii yemmuu jiraatan, daa'imman kanneen guddisuuf, nyaata laachuufi daara baasudhaaf qabeenya qaban, warqeefi faaya adda addaa gurguruun dirqama itti ta'ee ture. Qarshii gurgurtaa irraa argameen midhaan bitanii biddeenaafi daabboo tolchanii, akaayii akaayuun gurguruu jalqaban; bu'aa argameenis daa'immaniif laachuufi uwwisuu danda'an. Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa ijoollee/dhala ofii hingodhanne.

Deeggarsi daa'imman xiqqaadhan jalqabame kun dhaabbata deeggarsaa cimaatti guddatee dagaagee yeroo ammaa misooma hawaasummaa gurguddaa irratti hirmaachuun babal'atee hawaasa jijjiiramaaf sochoosuurratti argama. Maqaan dhaabbata kanaa Waldaa Kunuunsa Daa'immaniifi Misoomaa Abbabach Goobanaa jedhama.

Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa gumaacha guddaa lammii biyyaatiif taasisaniif Yunivarsiitiin Jimmaa digrii dooktareetii kabajaa kenneefii jira. Dhaabbanni isaanii deeggarsa namummaafi kunuunsa daa'immaniif gumaacha taasiseen yeroo adda addaa dhaabbiilee biyyoolessaafi addunyaa irraa badhaasa adda addaa argachuu danda'ee jira.

Doktarri kabajaa Abbabach Goobanaa umurii isaanii 85ffaatti Waxabajjii 27/2013 addunyaa kanarraa du'aan boqotanii jiru. Hanga guyyaa kanaatti dhaabbata isaanii hojii gaggeessummaan hoogganaa turanii jiru

Madda : (Shibashii Lammaa (2007 A.L.I); **ARA'AAYAAWOOCHUU** Kutaa barnootichaaf akka mijatu ta'ee kan qophaa'e.)

Gilgaala 5: Gaaffilee arman gadii dubbisa dhiyaate dhubbisuun dura gareen irrattii mari'achuun afaaniin deebisi!

Maqaa Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa dhageessee beektaa? Yoo dhageessee hojii maalii hojjata?

Walgargaarsa jechuun maal jechuudha?

Nama gargaartee beektaa?

B. Gaaffilee armaan gadii dubbisa irratti hundaa'uun “Dhugaa” yookiin “Soba” jechuun deebisi!

1. Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa qabeenya guddaa qabaniin daa'imman rakkoo keessa jiran gargaaruu jalqaban.
2. Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa hanga addunyaa kana irraa du'aan boqotanitti gargaarsa namummaa irraa hindhaabbanne.
3. Tola ooltummaaf yookiin nama gargaaruuf dirqama abbaa qabeenyaa ta'uun hinbarbaachisu.
4. Dhaabbanni Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa hanga dhumaatti daa'imman 21f gargaarsa gochaa ture.
5. Dhaabbanni tola ooltummaa Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa gumaacha taasiseen yeroo adda addaa badhaafamee jira.

Gilgaala 6

1. Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa eessatti dhalatan?

2. Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaaf badhaasa Doktara kabajaa Dhaabbata kamtu kenneefi?

3. Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa yeroo duraa daa'imman meeqa kunuunsuu jalqaban.

4. Dhaabbanni Dr. Kabajaa Abbabach Goobanaa gurmeessan eenyu jedhamuun waamama?

5. Ati maal maaliin nama gargaaruu dandeessa?

Gilgaala 7: Gaaffilee armaan gadii osoo hindubbisiin dura gareen irratti mari'adhaa!

1. Nama qaama miidhamtoota gargaaruun hawaasa keessatti fakkeenya ta'e beektaa?
2. Qaama miidhamtoota gargaartee beektaa?
3. Fakkii armaan gadii ilaaluun waan hubatte hiriyoota keetti himi.



Walgargaarsa

Rabbirraafi Kookeet barattoota kutaa 4^{ffaati}. Mana Barumsaa Qaallittii Sadarkaa 1^{ffaatti} baratu. Barnoota isaanitiinis cimoodha. Kutaa isaanii keessaa 1^{ffaafi} 2^{ffaafi} walduraa duubaan bahu. Gumii Aadaafi Dagaagina Afaan Oromoo keessatti hirmaannaan isaanii baay'ee olaanaadha. Akkasumas, barattoota qaama miidhamtoota ta'an gargaaruun beekamu. Ijoollee naannoo isaaniitti qaama miidhamtoota ta'an akka baratan gorsu.

Mana barumsaa Qaallittii keessatti barattoota qaama miidhamtoota ta'an saditu jiru. Rabbirraafi Kookeet barattoota kanneeniif meeshaalee isaan gargaaru danda'u bichisiisan. Barataa ijaan hinagarreef ulee ittiin deemu bichisiisan. Itti aansuun barataa miilaan deemuu hindandeenyeef ammoo wiilcharii gargaarsaa argamsiisan. Akkasumas, barataa afaaniin dubbachuu hindandeenyeef ammoo afaan mallattoo akka baratuuf ogeessa fichisiisaniif.

Rabbirraafi Kookeet hiriyoonna isaanii barattoota qaama miidhamtoota akka gargaaran gorsu. Barattoonni mana barumsa kanaas barattoota kanneen nigargaaru. Barataa ijaan hinargine sana barattoonni ollaasaa fuudhanii galu. Barumsa baratan dubbisaniifii akka inni dhaggeeffatu gargaaru. Barattuu wiilchariin deemtu immoo lafa tabbaarratti dhiibuun deeggaru. Barataa afaaniin dubbachuu hindandeenye sana ammoo afaan mallattoo fayyadamuun waliin taphatu.

Rabbirraafi Kookeet hojii gaarummaa isaanii kanaaf badhaasa argatan. Dura bu'aan mana barumsa isaaniitis barattoonni hafanis akka isaaniititti akka hojjetan gorse.

Gilgaala 8**A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa irratti hundaa’uun “Dhugaa” yookiin “Soba” jechuun deebisi!**

1. Rabbirraafi Kookeet barattoota kutaa sadaffaati.
2. Namni qaamaan miidhamaa ta’e barumsaan cimaa ta’uu hindanda’u.
3. Dura bu’aan mana barumsichaa barattoonni barnoota isaanii akka qo’atan gorse.
4. Barataa miidhama miilaa qabuuf wiilchariitu bitameef.
5. Rabbirraafi Kookeet miseensota Gumii Aadaafi Dagaagina Afaan Oromooti.

B. Jechoota armaan gadii haala hiika isaanitiin walitti firoomsi.**A**

1. dagaagina
2. gargaarsa
3. deemuu
4. tabba
5. gorsuu

B

- a. lafa olka’iinsa
- b. karaa qajeelchuu
- c. guddina
- d. sokkuu
- e. deeggarsa.

C. Bakka duwwaa himoota armaan gadii keessatti jechoota sirrii filachuun guuti!

1. Rabbirraafi Kookeet barnoota isaanitiin _____ dha
 a. cimoo b. laafaa c. guddoo
2. Barataa ijaan hinagarreef ulee ittiin deemu _____.
 a. qaban b. bichisiisan c. deemsiisan
3. Barataa ijaan hinargine sana barattoonni ollaasaa _____ galu.
 a. fuudhanii b. baatanii c. dhiisanii

4. Rabbirraafi Kookeet hojii _____ isaanii kanaaf badhaasa argatan.
 a. salphaa b. nuffisiisaa c. gaarummaa
5. Dura bu'aan mana barumsa isaanitis barattoonni hafanis akka isaanititti akka hojjetan _____ .
 a. gorse b. dheekkame c. ajaje

Gilgaala 9: Dubbisa irratti hundaa'uun gabatee armaan gadii guuti!

Maqaa Barattootaa	Kutaa isaanii	Dandeettii isaanii	Sadarkaa isaan bahan	Gumii keessatti hirmaatan	Mana barumsa isaanii
			1 ^{ffaa} fi 2 ^{ffaa}		

Gilgaala 10: Qaama miidhamtoota naannoo kee jiran akkaataa kamiin akka gargaartu himoota gaggabaaboo sadi barreessi!

- _____ .
- _____ .
- _____ .

Gilgaala 11

1. Dubbisa mata dureen isaa “Walgargaarsa” jedhu lama lama ta'uun sagalee olkaasaatii saffisaan waliif dubbisaa!

Barannoo Sadii: Seerluga**Yaadannoo****Maxxantoota**

Maxxantuu Jechuun akkuma maqaan isaani ibsu ofdanda'ee kan hindhaabbanneefi ergaa guutuu kan hindabarsinedha. Maxxantoonni kunis maxxantoota duraafi maxxantoota boodaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

A. Maxxantuu Duraa: Maxxantuun duraa jalqaba jechaarratti hirkatee gala.

Fakkeenya 1. Wal- walbaruu

2. hin- hinqabu

B. Maxxantuu Boodaa: Maxxantuun boodaa immoo, jecha of danda'e irratti gara boodaatiin maxxanee kan galudha.

Fakkeenya 1. -oota namoota

2-f Ayyaantuuf

Gilgaala 12: Himoota armaan gadii keessaa jechoota maxxantoota qaban jala sarari!

1. Konkolaatichi kun eessa deema?
2. Mucaan ganamaan ciree isaa nyaate.
3. Kitaaba kana Biiftuuf kenni.
4. Ani qarshii muraasa malee hinqabu.
5. Mootara kana qarshii meeqatti gurgurte?
6. Namni yakka hojjatu seeraan gaafatama.
7. Boontuufi Gaaddiseen baay'ee waljaalatu.
8. Abbaan koo har'a Adaamaa deemuudhaaf ka'e.
9. Oromiyaan laggeen baay'ee qabdi.
10. Finfinneen magaalaa guddittii Oromiyaati.

Gilgaala 13: Jechoota armaan gadiirraa maxxantoota adda baasuun barreessi!

Fakkeenya

Nama namicha - icha

Ulee uleedhaan - dhaan

1. Gareewwan_____.
2. Jabbilee _____.
3. Eeboodhaan _____.
4. Harkaan _____.
5. Laggeen _____.
6. Mukatti _____.
7. Konkolaataan _____.
8. Kitaabicha _____.
9. Kookeetiif _____.
10. Hoolota _____.

Gilgaala 14: Jechootatti maxxantoota barbaachisan dabaluun hima kenname xumuri!

1. Amaan kaleessa sa'aatii sadii_____ dhufe.
2. Qaama miidhamtoota _____ deeggarsi taasifamuu qaba.
3. Daree keessatti jeequu _____ dhorkaadha.
4. Nuyi yeroodhaa _____ mana barumsaatti argamuu qabna.
5. Laga_____ naannoo keenyaa ganna ganna niguutu.

Gilgaala 15: Yaada toora ‘A’ jalatti kennaman kan toora ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsii!

A

1. Firaanboon waan dheebotteef,
2. Yoo ariifatta ta’e,
3. Tolaan mana yaalaa deemee
4. Sirriitti yoo qo’atte,
5. Tufaan Finfinneetti dhalate;
6. Dabalaan farda bite;

B

- a. deebi’e
- b. bishaan dhugde
- c. Badhaasaan garuu harree bite.
- d. Firiikeet immoo, Asallaatti dhalatte
- e. gara kutaa itti aanutti dabarta.
- f. Konkolaataa isaa kanaan deemi.

Gilgaala 16: Himoota gilgaala armaan olii keessatti walitti firoomsite keessaa himoota dachaa lamaafi himoota xaxamaa sadi sadii baasii barreessi!

Hima Dachaa: gochima lamaafi lamaa olirraa kan ijaaramudha.

Gilgaala 17

Fakkeenya 1

Tolaan mana yaalaa deemee deebi’e.

Hima Dachaa

1. _____
2. _____
3. _____

Hima Xaxamaa: Inni kun ammoo ciroo hirkataa tokkoofi isaa ciroo ofdanda’aa tokkorraa kan ijaaramudha.

Fakkeenya 2

Yoo ariifatta ta'e; konkolaataa isaa kanaan deemi.

Osoo akka garaa kooti, nibaratta ture.

Karaa deemuuf waan ta'eef, hirriba malee.

Hima xaxamaa

1. _____
2. _____
3. _____

BOQONNAA AFUR

NAGEENYA TIRAAFIKAA

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa!

1. Faaruun maali? Maaliif Faarfatama? Kan beektan yoo jiraate tokko nudhageessisaa!
2. Ergaa /dhaamsa/ faaruu kanaan dura dhaggeeffatte hiriya keetti himi!

Gilgaala 2: Faaruu barsiisaan/tuun siif dhiyeessan erga dhaggeeffatteen booda gaaffilee armaan gadii kan sirrii ta'e "Dhugaa" kan dogoggora ta'e immoo "Soba" jechuun deebisi!

1. Faaruun dhaggeeffatte kun waa'ee qonnaa ibsa!
2. Faaruun kun waa'ee balaa tiraafikaa ibsa.
3. Faaruun dhaggeeffatte kun Konkolaachistootaaf gorsa ni kenna.
4. Konkolaachisaan faaruu keessatti eerame dhugee machaa'eera.
5. Balaan Konkolaataa lubbuufi qaama dhala namaa irratti, akkasumas, qabeenya biyyaa irratti hubaati hamaa qaqqabsiisa.
6. Bilbilaan haasawaa konkolaachisuun balaaf nama saaxila.
7. Xiyyeeffannoon faaruu kanaa nama seera tiraafikaa kabachiisuuf kan faarfamedha.
8. Namni suuta konkolaachisu, isa ariitiin konkolaachisuu irra maatii isaa gammachiisa.
9. Wanta darberraa barachuun abshaalummaadha.
10. Saffisa seeraan ala ta'een konkolaachisuun bu'aa isarra miidhaa isaatu caala.

Gilgaala 3

1. Faaruu barsiisaan/tuun/ kee siif dhiyeessan sagalee olkaasuun irra deebi'ii faarfadhu.

Barannoo Lama

Gilgaala 4: Gaaffilee armaan gadii dubbisatti osoo hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa!

1. Mallattoolee seera tiraafikaa eegsisuuf faayidaarra oolan maalfa'i?
2. Mallattooleen kunniin dhaamsa akkamii dabarsu?



Gilgaala 5: Gaaffilee armaan gadii dubbisicharratti hundaa’uun “Dhugaa” yookiin “Soba” jechuun deebisi!

1. Naanaatiifi Fileetan yeroo hundaa ganamaan ka’u.
2. Naanaatiifi Fileetan huccuu seeraa kan mana barumsaa uffatanii seera tiraafikaa kabachiisu.
3. Barattoonniifi imaltoonni bitaa isaanii qabatanii akka deeman gorsu.
4. Konkolaachisaan Naanaatiin dhaabsiste, suuta oofaa ture.
5. Barattoonni seera tiraafikaa eeganii socho’uun balaarraa isaan oolcha.

Nageenya Tiraafikaa

Naanaatiifi Fileetan barattoota gumii nageenya tiraafikaa mana barumsichaa eegsisan keessaa tokko ta’anii filataman. Barattoonni kunniin yeroo hundaa ganamaan ka’anii ciree isaanii nyaatu. Itti aansuun, huccuu seeraa kan mana barumsaa uffatu. Sana booda, dabtaraafi huccuu tiraafikaa fudhatanii gara mana barumsaa deemu. Mana barumsaa erga gahanii, dabtara isaanii daree kaa’atanii uffata tiraafikaa uffatanii; daandii konkolaataa mana barumsaa fuuldura bahan. Bitaa mirga ilaaluun, konkolaataa dhaabuun dursi namoota lukaan imalaniif akka kennamu taasisuun alatti konkolaachistoota seeraan ala saffisaan konkolaachisan dhaabsisuun gorsa kennaa dabarsu.

Fakkeenyaaf, gaaf-tokko konkolaachisaan konkolaataa garmalee ariitiin oofaa ture. Naanaatiis, nidhaabsiste. Gara mallattoo tiraafikaa fakkii barattootaa daandii cinaa jirutti quba qabde. “Kun mallattoo barattoonni naannoo kana jiraachuu agarsiistudha. Mallattoon kun “Suuta oofi!” sin jechaa jirti” jetteen. Yeroo kana, konkolaachisaan Naanaatii dhiifama gaafate. Akka itti hindeebines waadaa galee deeme. Gabaabumatti, Naanaatiifi Fileetan barattoota gumii nageenya tiraafikaa mana barumsaa kabajaniifi kabachiisuuf kan tattaafatan ta’uu isaanii hubanna. Barattoonnis fakkeenya isaanii kana hordofuun balaa tiraafikaa hir’isuun isinirraa eegama.

Gilgaala 6: Dubbisa armaan olitti dubbisterratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi!

1. Barattoonni nageenya tiraafikaa eegsisuuf filataman eenyufa’i?
2. Wantoonni balaa tiraafikaaf nama saaxilan maalfa’i?
3. Naanaatiifi Fileetan yeroo hunda daandii konkolaataarra maaliif dhaabbatu ?
4. Seera tiraafikaa eegsisuun faayidaa maaliiqaba?

Gilgaala 7: Dubbisa matadureen isaa “Nageenya Tiraafikaa” jedhu yeroo darbe dubbiste irra deebi’ii gahumsaan dubbisi!

Barannoo Sadii: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Jechoota armaan gadii hiika faallaa isaanitiin walitti firoomsi!

<u>A</u>	<u>B</u>
1. gadi	a) dura
2. galgala	b) mirga
3. ifa	c) ganama
4. booda	d) ol
5. bitaa	e) bahe
6. seene	f) dukkana halkan
7. halkan	g) dhalaa
8. hoosisuu	h) guyyaa
9. cimaa	i) guusuu
10. Dhiira	j) laafaa

Gilgaala 9

A. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif haala galumsa isaanitiin deebii sirrii ta'e filadhu!

1. Gammanneen ariitiin hojiishee hojjetti.
 - a. suutaan
 - b. qalbiidhaan
 - c. saffisaan
2. Yeroo gaddaafi gammachuu walcinaa dhaabbachuun aadaa gaariidha.
 - a. maddii
 - b. fagoo
 - c. halaala
3. Abbaan Bashaatuu, Bashaatuun kutaa ishee keessaa tokkoffaa yoo baate, Paarkii Tokkummaa geessee daawwachiisuuf waadaa seeneef.
 - a. amantii
 - b. aadaa
 - c. irbuu
4. Naanaatiifi Fileetan seera Tiraafikaa kabachiisuu keessatti tattaaffii isaan taasisan salphaa miti.
 - a. Carraaqqii
 - b. harkifannaa
 - c. dhibaahuu
5. Barattoonni Mana Barumsaa Yaadannoo Artistii Haacaaluu Hundeessaa Sad.1^{ffaa} huccuu aadaa uffatanii masaraa mootummaa daawwatan.
 - a. uffata
 - b. dibaabee
 - c. kophee
6. Waraabessi ulaa dallaa hulluuqee seenee hoolaa nyaate.
 - a. foddaa
 - b. karra
 - c. boolla
7. Nageenya daandii eegsisuun gahee tiraafikaa qofa miti.
 - a. dhiisuun
 - b. cufuun
 - c. kabachiisuun
8. Konkolaachisaan warreen lafoo deemaniif dursa kennuu qaba.
 - a. konkolaataa
 - b. fardaan
 - c. miilaan
9. Balaawwan adda addaa irraa ofbaraaruun lubbuun akka turruuf nugargaara.
 - a. ofajjeessuun
 - b. ofoolchuun
 - c. lubbuun akka dabarruuf
10. Daandii dheeraa deemuun dadhabbiif nama saaxila.
 - a. dhiyeenya
 - b. karaa
 - c. fageenya

B. Jechoota armaan gadii hiika isaanitiin walitti firoomsi!

<u>A</u>	<u>B</u>
1. aduu	a. harmee
2. lafa	b. dawaa
3. haadha	c. dureessa
4. nyaata	d. dhaqna
5. qoricha	e. biiftuu
6. moofaa	f. soorata
7. soorressa	g. dabbasaa
8. yabbuu	h. dachee
9. rifeensa	i. furdaa
10. nafa	j. bututaa/ciccitaa

Barannoo Afur: Barreessuufi Seerluga

Walqabsiistota

Shaakala Faayidaa Walqabsiistota Hirkatoo

Jechoonni himoota armaan gadii keessatti gurraacheffaman walqabsiistota hirkatoo jedhamu.

A. Faaxeen barumsaan cimtuu taatullee qorumsaan milkaa'uu hindandeenye.

B. Roobsan fayyullee, humna godhachuu hindandeenye.

Walqabsiistota hirkatoon himoota caasaan walhinginne kan walqabsiisanidha.

Gilgaala 10

Akka osoo waan yoo erga

A. Himoota armaan gadii walqabsiistota gabatee keessaa filachuun bakka duwwaa siif kennametti guuti!

1. Toltuun daandii konkolaataa irra ofeeggannoon _____ceetuuf, balaan isheerra qaqqabe hinjiru.
2. _____ seera tiraafikaa kabajne, balaarraa baraaramna.
3. _____ konkolaachisaan suuta konkolaachisee miidhaan biyya irra gahu nihir'ata.
4. Eekkaa _____ geenyee, roobni roobe.
5. _____ abaluun sirbaan morma nama jallisa.

B. Walqabsiistota himoota armaan gadii keessatti argaman jala sarari!

1. Yemmuu gara Finfinfinnee deemtu nadubbisii darbi.
2. Caalumaan akkuma mana olseeneen roobni roobuu jalqabe.
3. Utuu lootoriin naaf ba'ee konkolaataan bitadha ture.
4. Yoo dheebotte bishaan Amboo dhugi.
5. Inni akkuma abbaasaa goota
6. “Erga waraabessi darbee sareen dutti” jedha Oromoon.
7. Namni kamiyyuu seera kabajuu qaba.
8. “Utuu beeknuu huuba wajjin ” jette sareen jedha Oromoon.
9. Leenjii yeroodhaa yerootti yoo fudhatan malee fiixan bahiinsi jaraa gaaffii keessa isaan galcha.
10. Osoon akkanatti miidhamuu isaa beekke akkas hingodhun ture.

Gilgaala 11: Walqabsiistota hirkatoo armaan gadiitti fayyadamuun himoota mataa keetii erga barreessitee booda hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa!

yoo osoo waan erga akka

Fakkeenyaaf

A. ibsaa diimaan ife, konkolaataan nidhaabbata.

Yoo ibsaa diimaan ife, konkolaataan nidhaabbata.

b. _____ sirritti qo'ateef, qabxii olaanaa argate.

Waan sirritti qo'ateef, qabxii olaanaa argate.

1. _____.
2. _____.
3. _____.
4. _____.
5. _____.
6. _____.
7. _____.

BOQONNAA SHAN

ISPOORTII

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii cimdiin ta'uun irratti mari'adhaa!

1. Atileetota fiigichaan Itoophiyaa beeksisan eenyufa'a beekta?
2. Atileetota Itoophiyaa bebbeekamoo keessaa caalaatti eenyuun dinqisiifatta? Maaliif?
3. Atileetota armaan gadii ilaaluun maqaa isaanii walitti himaa!
4. Garee garee keessaniin ta'uun atileetota armaan gadii keessaa tokko filachuun seenaa isaa walitti himaa!



Gilgaala 2: Waa'ee Atileetii Fayyisaa Leellisaa dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gabatee kana guuti.

Bara	Dorgommii Gaggeeffame	Biyya	Sadarkaa ba'e
2001	Maraatoonii Dabliin	Ayerlaandii	1 ^{ffaa}
2002			
2003			
2008			

Gilgaala 3

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisicha erga dhaggeeffattee booda deebii sirrii ta'e filachuun deebisi!

- Fayyisaan atileetii fiigicha dheeraati.
 - dhugaa
 - soba
- Fayyisaan maraatoonii jalqabaa biyya Kooriyaa Kibbaa Deeguutti hirmaate.
 - dhugaa
 - soba
- Atileet Fayyisaan meetira 800 bara kam fiige?
 - 2001
 - 1998
 - 1982
- Atileet Fayyisaan maraatoonii si'a meeqa irratti hirmaatee 1ffaa ba'e?
 - 2
 - 3
 - 4
- Fayyisaan eessatti seenaa addaa hojjete?
 - Deeguu
 - Rootardaam
 - Riyoo

B. Gaaffii armaan gadiitiif deebii isaa gabaabsii ibsi!

- Dubbisa kana irraa waan hubatte gabaabsii hiriya keetti himi!

Barannoo Lama: Dubbisuu

Gilgaala 4

1. Naannoo Oromiyaa keessaa atileetota fiigichaan addunyaarratti beekaman eenyufaa beekta?
2. Fakkii asiin gaditti dhiyaatterraa maal hubatta?
3. Maqaan atileetii suuraa asiin gadiitti mul'atuu kan eenyuu isinitti fakkaata?

Atileet Xurunash Dibaabaa



Akka lakkoofsa Awurooppaatti Waxabajjii 1, 1985 kan dhalatte, shamarreen tokko seenaa boonsaa dalagde. Shamarreen kun Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo naannoo magaalaa Boqojjii bakka Caffee jedhamutti abbaa ishee obbo Dibaabaa Qananiifi Haadha ishee aadde Guuttuu Tolaa irraa dhalatte.

Isheenis, Atileet Xurunash Dibaabaa jedhamti. Xurunash obboleewwan isheetiif nama afraffaadha. Baadiyyaatti waan dhalatteefis akkuma ijoollee baadiyaa maatiisheef, qoraan funaanuufi bishaan waraabuun gargaaraa guddatte.

Xurunash umuriin ishee barnootaaf geenyaan mana barumsaa Boqojjii sadarkaa 1^{ffaatti} eegalte. Isheenis barumsa isheetiin qaxalee waan turteef, barnoota sadarkaa tokkoffaa qabxii olaanaan xumurte. Barumsa ishee sadarkaa lammaffaas obboleewwan ishee bira teessee barachuuf gara Finfinnee dhufte. Asittis, gumii Ispoortii mana sirreessaatti makamtee miseensa dhaabbataa ta'uun leenjiifi shaakala fiigichaa eegalte.

Xurunash waggaa osoo hingahiin fiigicha gabaabaa idil-addunyaa irratti hirmaatte. Kunis beekamtummaa addunyaarratti isheen argachuuf jirtuuf ka'umsa ta'eef. Fiigicha gabaabaa hanga fiigicha qaxxaamura biyyaatti fiigudhaanis injifachuu eegalte. Bara 2002-2004 kiilomeetira sadii magaalota Lawusaanneefi Biruseelsitti fiigdee mo'atte. Achi irrattis duraa duubaan tokkoffaafi lammaffaa baate.

Bara 2005-2007 A.L. Atti immoo fageenya kiilomeetira shan Niwuyoorkiifi Heelsiinkiitti fiigdee tokkoffaa bahuudhaan madaaliyaa warqee badhaafamte. Atileet Xurunash kanaan hindhaabne. Isa caaluuf shaakala itti fufte. Haaluma kanaan, bara 2008-2010 A.L. Atti Beejiingiifi Nijimegen keessatti dorgommii kiilomeetira kudhan gaggeeffamerratti hirmaattee mo'atteerti. Itti fuftee bara, 2012-2014 A.L. Atti kiilomeetira 30 fi 42 fiiguun injifannoo argatte. Bara 2012 A.L. A dorgommii Olompiikii Chaayinaa Beejiingitti gaggeeffameen madaaliyaa lama argachuu milkaa'ina guddaa argatteerti. Sababa kanaan hoospitaalli maqaa isheetiin moggaafame Finfinnee naannoo Aqaaqiitti ijaarameera.

Walumaagalatti, Atileet Xurunash Dibaabaa fiigicha gabaabaarraa hanga maraatooniitti fiiguun badhaasa madaaliyaa hedduu argachuun, biyya ishees sadarkaa addunyaatti akka beekamtu gumaacha guddaa taasiftee jirti.

Gilgaala 5: Gaaffilee armaan gadii yaada dubbisichaa irratti hundaa'uun “Dhugaa” yookiin “Soba” jechuun deebisi!

1. Atileet Xurunash Godina Arsii magaala Asallaatti dhalatte.
2. Atileet Xurunash maatii isheef qoraan funaanuufi bishaan waraabuun gargaaraa guddatte.
3. Atileet Xurunash yeroo jalqabaaf miseensa gumii Ispoortii mana sirreessaatti makamte.
4. Atleet Xurunash fiigicha kiiloo meetira sadii Niwuyoorkiitti dorgomtee madaaliyaa warqee argatte.
5. Bara 2012 A.L.A dorgommii Olompiikii Beejiingitti gaggeeffameen madaaliyaa tokko argatte.

Gilgaala 6: Gaaffilee armaan gadii gareen mari'achuun dareef gabaasaa!

1. Milkaa'ina Xurunash Dibaabaarraa maal baratte?
2. Namni tokko milkaa'ina jireenya isaatiif maal gochuu qaba jettanii yaaddu?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Jechoota armaan gaditti siif kennameen hima mataa keetii ijaari!

Fakkeenya. Atileet Xurunash Dibaabaa fiigicha meetira 5,000fi 10,000 n beekamti.

1. Barnoota
2. Baadiyyaa
3. Qaxxaamura
4. Fiigicha
5. Leenjii
6. Funaanuu
7. Madaaliyaa
8. Badhaasa
9. Kabaja
10. Dorgommii

Gilgaala 8: Jechoota walkeessa makamanii barreeffaman sirreessuun barreessi!

1. naannoo/bara 1985/ Boqojjiitti/ magaala/ Xurunash/ dhalatte.
2. irratti/ waggaa /hirmaatte/ fiigicha/ gabaabaa/hingahiin/ idil-addunyaa Atileet Xurunash/osoo

3. gabaabaa/ Atileet Xurunash/ gabaabaa/ eegaltee/ irraa/ maraatooniitti/ hanga/ fiigde

4. olaanaan/ qabxii/barumsa/ Atileet Xurunash/ sadarkaa 1ffaa/ xumurte/ishee

5. qaba/ tokko/ jireenya/milkaa'ina/ gochuu/ maal /isaatiif/ namni

6. obboleewwan/Atileet Xurunash/ afraffaadha/ishee / nama/ keessaa.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9

A. Jechoota 'A' jalatti tarreeffaman hiika isaanii kan 'B' jala jiruun walitti firoomsi.

A

1. injifachuu

2. fiiguu

3. fira

4. imaluu

5. qaxalee

6. hojii

7. moggaasuu

8. dorgommii

9. milkaa'ina

10. badhaasa

B

a. deemuu

b. fiixan bahinsa

c. dalagaa

d. kennaa

e. mo'achuu

f. aantee

g. kaachuu

h. maqaa baasuu

i. cimtuu

j. walmorkii

B. Jechoota asiin gaditti kennamaniif faallaa isaanii barreessi!

1. Dabale _____.
2. Mo'amuu _____.
3. Dhaqan _____.
4. Gowwaa _____.
5. Baadiyaa _____.
6. Ishee _____.

Gilgaala 10: Himoota armaan gadii haala ijaarama isaanii qalbeeffadhu!

- a. Isaan **dhufan**.
- b. Isheen **dhufte**.
- c. Inni **dhufe**.
- d. Toltuun mana barumsaa **deemte**.

Himoota armaan olii keessatti kan jala sararame **matima** yoo ta'u; kan gurraacheffame immoo gochima.

Matima: jechuun hima keessatti gocha tokko kan raawwatu yookiin kan waa'een isaa dubbatamudha. Hima tokko keessatti matima ta'anii kan galan maqaafi bamaqaadha.

Fakkenyaa 1. Boontuun uffata hodhiti.

2. Isheen uffata hodhiti. Himoota kanneen keessatti
“Boontuufi Ishee” kan jedhu matima ta'u jechuudha.

Fakkeenya 1. Mucaan harma hodhe.

2. Inni harma hodhe.

Himoota kanneen keessatti “Mucaafi Inni” kan jedhu matima agarsiisu.

A. Qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi!

1. kutaa afraffaa baranna.

- a. isaan b. nuyi c. isheen

2. _____ amala qabdi.

- a. isheen b. inni c. ati

3. _____ sangaa adii bitan.

- a. inni b. isheen c. isaan

4. _____ kitaba bite.

- a. isaan b. isheen c. inni

5. _____ maal sitti hime?

- a. Bilisee b. Galataan c. isaan

6. _____ barnoota Afaan Oromoo barachuun jaaladha.

- a. ati b. ani c. isin

7. gorsa barsiisaa keessanii dhaga'aa!

- a. isaan b. isheen c. isin

8. _____ boru gara Adaamaa deemu.

- a. Galataan b. Galataafi Boontuun c. Boontuun

9. _____ barsiisota keenya

- a. isaan b. isheen c. nuyi

10. _____ baala mukaa nyaatte.

- a. Leenci b. Waraabessi c. Re'een

B. Gorsii armaan gadii eenyuun ilaallata? Haala waliin deemuu danda'aniin walitti firoomsi!

A

1. Isaan
2. Ati
3. Nuyi
4. Inni
5. Isin
6. Isheen

B

- a. koroona irraa of eegaa!
- b. koroona irraa of haa eegnu!
- c. koroona irraa of haa eegdu!
- d. koroona irraa of eegi!
- e. koroona irraa of haa eegan!
- f. koroona irraa of haa eegu!

C. Gochimoota gabatee armaan gadii keessatti siif kennaman fayyadamuun bakka duwwaa armaan gadii guuti!

dhufan**fiigu****hojjatte****nyaanne****bitan****kufe****cufe****barreesse****qarte****dhugde****deeme****mure****Fakkeenya**

Guutamaan harmee isaaf xalayaa _____.

Guutamaan harmee isaaf xalayaa barreesse.

1. Atileetonna Itoophiyaa dorgommii injifachuuf _____.
2. Caalaan kaleessa _____.
3. Nuyi laaqana keenya _____.
4. Ifaan muka qottoon _____.

5. Taliileen foon mummuruuf albee_____.
6. Bantiin osoo fiiguu_____.
7. Barattoonni muraasni mana barumsaa_____.
8. Roorrisaafi Kumeen asoosama ‘Godaannisa’ jedhu_____.
9. Waariteen hoj-manee ishee_____.
10. Obsinaan balbala mana isaa_____.

D. Jechoota armaan gaditti walkeessa makamanii dhiyaatan sirreessuun hima sirrii taasisii barreessi!

1. dhiqate/ fuula/Rabbirraan
_____.
2. dhufne/ har’a/ ganama/ nuyi
_____.
3. baratu/ kutaa/ afraffaa/ isaan
_____.
4. kenne/barsiisaan/ hoj-manee
_____.
5. maalif/ati/jeeqxa /?
_____.

BOQONNAA JAHA

TAPHOOTA AADAA

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuun Duraa

A. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuu kee dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mari'adhaa!

1. Hibboon naannawa keessanitti nibeekamaa?
2. Hibboon haala kamiin taphatama?
3. Hibboon yoomiifi eessatti taphatama?



B. Jechoota armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin hiika isaanii tilmaamaa!

1. Hibboo
2. Labata
3. Yoomessa
4. Bohaarsuu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo dhaggeeffachuu Bakka duwwaa himoota armaan gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti!

1. Hibboon 1 fi 2 ittiin taphatamu qaba.
2. Hibboon 3 ofdanda'e qaba.
3. Hibboon dandeettii waa 4 ykn 5 ijoollee akka guddatuufi jireenya hawaasaa akka hubatan 6 gahee guddaa qaba.

Gilgaala 3: Shaakala dhaggeeffachuun boodaa.

A. Dubbisa dhaggeeffattefi hubannoo duraan qabduurratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii barreessuun deebisi!

1. Hibboon yeroo akkamii taphatama? Yeroon kun maaliif filatame?
2. Faayidaaleen tapha hibboo maalfa'i?
3. Hibboon maaliif guyyaa guyyaa hintaphatamu?
4. Akka naannawa keessaniitti namni hibboo gaafatu maal jedha? Inni gaafatamus maal jechuun jalaa qaba?

B. Hibboowwan armaan gaditti dhiyaataniif, deebii sirrii ta'e filannoo kenname keessaa filadhuu deebisi!

1. Foon mataatti baata; ofii hinnyaatu; namaa hinlaatu.

A. Sangaa

B. Adurree

C. Kormaa Lukkuu

D. Qurxummii

2. Godoon gamaa balballi ishee lama.

A. Qaawwa Manaa

B. Funyaan

C. Foddaa

D. Balbala manaa

3. Harkaan facaasanii, ijaan funaanan.

A. Barreeffama Dubbisuu

B. Sanyii Facaasuu

C. Huccuu Hodhuu

D. Urjii

4. Afur ta'anii boolla tokkotti fincaa'u.

A. Mucha Sa'aa	B. Quba Harkaa
C. Maasaroo	D. Gaadii sa'aa
5. Yeroo ciisu akka reeffaa, yoo ka'u akka leencaa

A. Dhagaa	B. Qawwee
C. Muka	D. Dabaaqula
6. Guyyaa jooraa ooltee, galgala hanxaxiin cufatti.

A. Funyaan	B. Gurra
C. Ija	D. Arraba
7. Aayyoo Booranaa galtu, taboora yaabbattu dhaqqabanii hindhungatan.

A. Lafa	B. Aduu
C. Bishaan	D. Farda
8. Aayyoo gabaabduun, teessu lafaa hin kaatu, dhooftu namaa hinnaatu.

A. Gudeelcha	B. Dhagaa
C. Gufuu	D. Jirma
9. Du'aan midhaan nyaata, jiraan baala nyaata.

A. Lukkuufi killee	B. Sa'aafi itillee
C. Fardaafi koora	D. Re'eefi qalqala re'ee
10. Asuma taa'ee baargamatti erga.

A. Yaada	B. Nama
C. Miila	D. Xiyyaara

C. Hibboowwan armaan gadii deebii isaanii barreessuun deebisi!


1. Babarruu akka shaamaa dubbataa akka namaa
2. Daaraa fakkaata, hunduu ni barbaada.
3. Waan abaabe dhaabe, buqqisuu dadhabe.
4. Hinargamu nifagaata, yemmuu waaman ni'awwaata.
5. Qaawwa afur qaba, nibeeka tapha.
6. Wajjin nyaanna maaliif huqqatta?

Barannoo Lama: Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisa Duraa

Dubbisa matadureen isaa “Taphoota Aadaa” jedhu osoo hindubbisin gaaffiiwwan asiin gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa!

1. Taphoonni aadaa kan naannawa keessanitti beektan maal fa’i? Yeroo akkamii taphatamu?
2. Fakkii armaan gadii kanarraa maal hubattu?



Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa dhiyaate yommuu dubbistu gaaffiiwwan armaan gadiif afaaniin deebii kenni!

1. Taphoonni aadaa yeroo akkamii gaggeeffamu?
2. Hibboon maaliif galgala qofa taphatama?
3. Taphoonni aadaa faayidaa maalfaa qabu?

Taphoota Aadaa

Taphoonni aadaa akaakuu hedduu of keessaa qabu. Akkasumas, seeraafi naamusa ittiin taphataman niqabu. Kana jechuunis, akkaataa waliin taphataniifi baay'ina taphattootaa kana malees, yeroo itti taphataman qabu jechuudha. Faayidaan taphoonni kunneen akka waliigalaatti qabanis olaanaadha.

Taphoonni aadaa akaakuu hedduutu jiru. Isaanis, gugsii fardaa, saddeeqa, tapha qillee, tapha huwee, fiigichoo, waldhaansoo, binoo, kuni maalinni, utaalchoo, bishaan daakuu, harcumqixxoo, jimmaa jimmiitee, huummoon maal baattii, korboo, hibboo, hibboontenaafi faccee maqaa dha'uun nidanda'ama. Taphoonni kunneen yeroo hojii akka hinmiinetti taphatamuu qabu. Godinaalee Oromiyaa garagaraa keessatti maqaalee garagaraan kan beekamaniifi unkaafi qabiyyee mataasaanii kan qaban ta'uu malu.

Taphoonni aadaa akkaataa itti waliin taphatan, baay'ina taphattootaafi yeroo itti taphataman irratti seera qabu. Fakkeenyaaf, hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin namoota lamaafi isaa ol gidduutti kan gaggeeffamudha. Haaluma walfakkaatuun, waldhaansoo, utaalchoo, gugsii fardaa, bishaan daakuufi harcumqixxoon namoota lamaafi lamaa oliin taphatamuu danda'u. Karaa biraatiin, kanneen akka gugsii fardaa qillee guyyaa yoo taphataman, hibboofi hobbantee galgala keessa taphatamuu danda'u. Sababni isaas ijool'een guyyaa guyyaa yoo taphatan hojii isaanii dagatu jedhamee waan yaadamuuf. Bifuma walfakkaatuun, kan farda qabu yeroo birraan bar'uutti fardasaa fe'atee liichee harkatti qabatee jila garagaraarratti taphachuun bashannanuu danda'a.

Taphoonni aadaa faayidaalee hedduu qabu. Fakkeenyaaf, namoota gidduutti walitti dhufeenya uumuun jaalalliifi tokkummaan isaanii daran akka guddatu taasisu. Akkasumas, amala gaarii, obsa, beekumsaafi dandeettii namootaa guddisuun akka madda bashannanaafi onnachiiftuuttis nigargaaru. Kanamalees, taphoonni aadaa jabina qaamaa nikennu; seera, naamusaafi jireenya hawaasummaa ni barsiisu. Namoonni dandeettii miliqqee, injifachuufi kkf. akka horataniiif shoora guddaa qabu.

Walumaagalatti, taphoonni aadaa hedduun hawaasa keenya keessatti argamu. Faayidaan isaan qabanis hedduudha. Kanaafuu, faayidaan taphoota aadaa daran olaanaa waan ta'eef jajjabeeffamuun labataa gara labataatti lufuu qabu.

B. Dubbisa oliirratti hundaa'uudhaan, yaadota armaan gadii yoo sirrii ta'an, 'dhugaa' yoo dogoggora ta'an immoo, 'soba' jechuun deebisi!

1. Taphoonni aadaa akaakuu muraasa of keessaa qabu.
2. Taphni gugsii fardaa akaakuu tapha ammayyaati.
3. Taphni hibboo guyyaa guyyaa taphatama.
4. Taphni waldhaansoo yoomessa hinqabu.
5. Taphoonni aadaa namoota gidduutti jaalalliifi tokkummaan akka cimu taasisa.

C. Dubbisa armaan olitti dhiyaaterratti hunda'uun, deebii sirrii ta'e filannoo kenname keessaa filadhuu deebisi!

1. Kamtu tapha aadaa miti.

A. Hibboo	B. Mammaaksa
C. Waldhaansoo	D. puulii
2. Taphni aadaa yeroo baay'ee galgala galgala taphatamu kami?

A. Qillee	B. Waldhaansoo
C. Hibboo	D. Bishaan daakuu

3. Kanneen keessaa tokko faayidaa tapha aadaati.

A. Barsiisuu	B. Bashannansiisuu
C. Tokkummeessuu	D. Hunda
4. Namni hiibboo gaafatu, hibboo yoo jedhe kan deebisu _____ jedha.

A. Anaa dhufu	B. Nooruu
C. Hibbakka	D. Gadi guuri
5. Gosa tapha aadaa keessaa dandeettii miliqqeefi injifannoo kan gaafatu maal jedhama?

A. Hibboo	B. Waldhaansoo
C. Gugsii fardaa	D. Bishaan daakuu

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuu Boodaa

A. Dubbisa olitti dubbisterratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii barreessuun deebii kenni!

1. Taphoonni aadaa dubbisa keessatti ibsaman maalfa’i?
2. Taphoonni aadaa galgala galgala taphataman isaan kami?
3. Faayidaaleen taphoonni aadaa qaban maalfa’i?
4. Namoonni farda yaabbatan maal of harkatti qabatanii jila addaddaa kabaju?
5. Taphoota aadaa naannawa keetti beekaman keessaa kam taphachuu jaallatta? Maaliif?

B. Wayita darbe dubbisa mata dureen isaa “Taphoota Aadaa” jedhu dubbistee turte. Mee waan dubbistan keessaa kan yaadattan afaaniin walitti himaa!

C. Yeroo darbe dubbisa mata dureen isaa, “Taphoota Aadaa” jedhu dubbistanii turtan. Dubbisa kana keessaa keeyyata 4^{ffaa} lama lama ta’uun sagalee keessan ol kaasuun ibsa waliin dabareen waliif dubbisaa!

Barannoo Sadii: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 7**

A. Jechoota roga ‘A’ jala jiraniif walfakkii isaanii roga ‘B’ jalatti kennamaniin walitti firoomsii!

A

1. Labata
2. Lufuu
3. Jila
4. Liichee
5. Injifachuu

B

- A. Ayyaana
- B. Dhalootaa
- C. Darbuu
- D. Mo’achuu
- E. Alangee

Tapha Ijoollee

Boontuu: Gama keenna roobee gama keessan roobee?

Boonaa: Gama keenna roobee gama keessan roobee?

Boontuu: Ee, roobe.

Boonaa: Maal roobe?

Boontuu: Maddaa marga

Boonaa: Maaltu dheeda?

Boontuu: Sa’a haadha Urjii

Boonaa: Haati Urjii deettee?

Boontuu: Ee, deette.

Boonaa: Maal deette?

Boontuu: Ilmaa intala.

Boonaa: Kam golloo kaayanii, kam gola kaayan?

Boontuu: Intala gola kaayanii, ilma golloo kaayan.

Boonaa: Waaqalaniifii?

Boontuu: Ee, qalaniif.

Boonaa: Maal qalaniif?

Boontuu: Korbeessa eegee coomaati.

Boonaa: Siif jifaniiree?

Boontuu: Ee, jifan.

Boonaa: Naa jifanii?

Boontuu: Ee, sii jifan.

Boonaa: Eessa naa keette?

Boontuu: Bitimaa karraa irra.

Boonaa: Soqee hindhabnee maaltu fudhate?

Boontuu: Harraagu boddeetu koolaan dhahee fudhate.

Boonaa: Ariitee?

Boontuu: Ee, ari'e.

Boonaa: Fiiddee?

Boontuu: Ee, fiige.

Boonaa: Kuftee?

Boontuu: Ee, kufe.

Boonaa: Dhiiddee?

Boontuu: Ee, dhiige.

Boonaa: Eessa dhiigde?

Boontuu: Jilba qara.

Boonaa: Maaliin haqatte?

Boontuu: Cabbii waabee gamaati.

Boonaa: Waabeen guutu moo hir'u?

Boontuu: Qara hir'uu, hancufa kiyya itti tufnaan guute.

Boonaa: Attamiin ceete?

Boontuu: Nikonkoonadhe.

Boonaa: Konkoonuun deemsa maali?

Boontuu: Konkoonuun deemsa raachaati.

Boonaa: Raachumatu konkoonataa, naachi hinkonkoonatuu?

Boontuu: Naachi waan bishaan galaati.

Boonaa: Naachumatu bishaan galaa, roophiin bishaan hingaluu?

Boontuu: Roophiin waan gurra bal'ataati.

Boonaa: Roophimatu gurra bal'ataa, woraanni gurra hinbal'atuu?

Boontuu: Woraanni waan arfii addaataati.

Boonaa: Woraanumatu arfii addaataa, daaraan arfii hinaddaatuu?

Boontuu: Daaraan waan baasanii gatan.

Boonaa: Daaraama baasanii gatanii, keessummaa baasanii hingatanii?

Boontuu: Keessummaan waan bulee lufaati.

Boonaa: Keessummaamatu bulee lufaa, galaanni bulee hinlufuu?

Boontuu: Galaanni waan lafarra looyaati.

Boonaa: Galaanumatu lafarra looyaa, bofni lafarra hinlooyuu?

Boontuu: Bofni waan nama iddaati.

Boonaa: Bofumatu nama iddaa, kanniisni nama hin idduu?

Boontuu: Kanniisni waan dammeessaati.

Boonaa: Kanniisumatu dammeessaa, kaamo hindammeessituu?

Boontuu: Kaamo waan dukkoo galaati.

Boonaa: Kaamomatu dukkoo gala, idaayyaan dukkoo hingaltuu?

Boontuu: Idaayyaan faaya dhiiraati.

Boonaa: Idaayyamatu faaya dhiiraatii, wonteen faaya dhiiraatii mitii?

Boontuu: Wonteen meeshaa gootaati.

Boonaa: Wontematu meeshaa gootaatii, hirboorri meeshaa gootaatii mitii?

Boontuu: Hirboorri faaya qondaalaati.

Boonaa: Hirboorumatu faaya qondaalaatii, sokorti faaya qondaalaatii mitii?

Boontuu: Sokorti faaya bareedinaati.

Boonaa: Sokorumatu faaya bareedinaatii, maraaroon faaya bareedinaatii mitii?

Boontuu: Maraaroon waan lafaa margaati.

Boonaa: Maraaroomatu lafaa margaa, margi lafaa hinmarguu?

Boontuu: Margi soorata saayyaati.

Boonaa: Margumatu soorata saayyaatii, bishaan soorata saayyaatii mitii?

Boontuu: Ee, maddaa margi soorata saayyaati.

Boonaafi Boontuu: Ee, maddaa margi saayyaa sifa'a!

Dhamti saayyaa namaa sifa'a!

Araarri kiyyaafi kee nu sifa'a!

Nageenni nama maraa sifa'a!

(Maddi: Madaala Sammuu , Kitaaba Falaasama Oromoo, Boonsamoo Mi'eessootiin, Gurraandhala 2005/2013)

B. Akkaatuma tapha armaan olii keessatti dhiyaateen jechootaafi gaalewwan walitti firoomsi!

A

1. Ilma
2. Intala
3. Raacha
4. Roophii
5. Idaayyaa
6. Warraaqaa
7. Bofa
8. Woraana

B

- A. Waan gola galaati
- B. Waan bishaan galaati
- C. Waan nama iddaati
- D . Waan golloo galaati
- E. Waan arfii addataati
- F. Faaya dhiiraati
- G. Waan konkoonataati
- H. Faaya qondaalaati

C. Afoola armaan oliirratti hundaa'uun deebii gabaabaa kenni!

1. Soorata saayyaati kan jedhaman maalfa'a?

_____.

2. Wanti adeemsaan wal fakkeessan maalfa'a?

_____.

3. Kanneen bishaan keessa galan jedhaman lama barreessi!

_____.

4. Faaya qondaalaa kan jedhaman lama barreessi!

_____.

5. Kan deemsaan walfakkaatan maalfa'a?

_____.

6. Taphni kun tapha aartii ammayyaa kamiin walfakkaata?

_____.

Barannoo Afur: Barreessuu**Gilgaala 8****A. Himoota armaan gadii keessatti mallattoo gaaffii yookiin raajeffannoo iddoo barbaachisutti galchuun sirreessii barreessi!**

1. Akaakuun taphoota aadaa naannawa keetti argaman maalfa'i
2. Uggum taphni aadaa akkam namatti tola
3. Ati saddeeqa taphattee beektaa
4. Faayidaan taphoota aadaa maalidha
5. Aadaa keenya haa kunuunsinu

B. Walduraa duuba himoota armaan gadii sirreessuun seera hibboon itti taphatamurratti keeyyata tokko barreessii xumuri!

1. Inni gaafatamu immoo 'hibib' /hibbakka/ jechuudhaan jalaa qaba.
2. Inni gaafatu 'Hibboo' jechuudhaan gaafata.
3. Hibboon taphoota aadaa keessaa tokkodha.
4. Kana boodas, inni gaafatu gaaffii hibboo gaafachuu barbaade sana gaafata.
5. Hibboon kunis akkaataa itti taphatamu qaba.
6. Egaa hibboon haala kanaan nama gaafatu tokkoofi nama deebisu tokko yookiin tokkoo ol gidduutti kan taphatamudha.
7. Inni gaafatamus, deebii yaalee yoo dadhabe, biyya ykn horii isa gaafateef kenna.
8. Itti fufuun, inni gaafate biyya irraa fudhachuun arrabsee eebbifachuun deebii itti hima.

Gilgaala 9: Shaakala Xalayaa Barreessuu**A. Himoota armaan gadii kan sirrii ta'an 'Dhugaa' kan sirri hintane immoo 'Soba' jechuun deebisi!**

1. Xalayaan dhuunfaa gammachuuf malee gaddaaf hinbarreeffamu.
2. Namni dhuunfaa waajjiraaf xalayaa barreessuu nidanda'a.
3. Xalayaa hojii irratti teessoo barreessuun dirqama miti.
4. Kutaalee xalayaa keessaa qaamni kutaa jalqabarratti barreeffama.
5. Teessoon gara xalayaan dhaquu, walakkaarraa gara mirgaatti barreeffama.
6. Xalayaan dhuunfaa lakkoofsa qabaachuu qaba.
7. Xalayaa hojiirratti guyyaa barreessuun hinbarbaachisu.

B. Kutaalee Xalayaa armaan gadii irratti hundaa'uun gaaffilee itti aananii jiran qubee deebii sirrii qabate filadhu!

1. Xalayaa ilaalchisee kan sirrii hintaane kami?
 - A. Hojii ogummaafi muuxannoo gaafatuudha
 - B. Namni hinbaranne barreessuu kan danda'uudha.
 - C. Meeshaalee quunnamtii barreeffamaa jalatti qoodama
 - D. Gaddaafi gammachuu ofii ibsachuuf barreeffamuu danda'a.
2. _____n kutaa xalayaa ta'ee, sababa xalayichi akka barreeffamuufi dhimma dabarsuun barbaadame tokko itti baarreeffamuudha.

A. Qaama xalayaa	B. Keeyyata seensaa
C. Nagaa gaaffii	D. Cufaa
3. Xalayaa firaaf yookiin hiriyaaf barreeffamu_____ jedhama.

A. Xalayaa dhuunfaa	B. Xalayaa hojii
C. Xalayaa daldalaa	D. Xalayaa ajajaa

4. Qaama xalayaa dhuunfaa kan ta'e kami?

- | | |
|--------------|-----------|
| A. Lakkoofsa | B. Guyyaa |
| C. Chaappaa | D. Hunda |

5. _____n kutaa xalayaa ta'ee, bakka itti ergaa dabarfachuu barbaannee haalaan dhiyeessinuudha.

- | | |
|-------------------|---------------------|
| A. Xumura xalayaa | C. Keeyyata seensaa |
| B. Teessoo | D. Qaama xalayaa |

Yaadannoo: Xalayaa barreessuu

Xalayaa jechuun meeshaa walqunnamtii ta'ee, kan namoonni jaalala, gammachuu, gadda, ajaja, jibba, fedhii, yaadaafi kan kana fakkaatu bifa barreeffamaan waliif dabarsanidha.

Xalayaan tokko kaayyoo galmaan ga'uuf barreeffamu qaba. Dabalaatanis, qabiyyee isaa bu'uureffachuun bakka adda addaatti qoodama.

Isaanis:

1. Xalayaa dhuunfaa

- Xalayaa gaddaa
- Gammachuti

2. Xalayaa Hojii

- Xalayaa akeekkachiisaa
- Xalayaa iyyannoo
- Xalayaa waliigaltee
- Xalayaa Beeksisaa kkf.

Xalayaan dhuunfaa: xalayaa dhimma dhuunfaaf jedhamee hiriya yookiin firaaf haala adda addaan walitti dhufeenyaaf jechaa yookiin dhaamsa walii dabarsuuf kan barreeffamudha.

Xalayaa hojii: Xalayaan hojii Xalayaa mana hojii waajjira mootummaa, dhaabbata dhuunfaafi mitimootummaaf kan barreeffamu ta’ee guyyaafi lakkoofsa qaba. Xalayaan hojii Namni dhuunfaan gara waajjiraatti, waajjirarraa gara nama dhuunfaattiifi waajjirri gara waajjiraatti kan barreeffamudha.

Xalayaan kutaalee shan qaba. Isaanis:

Teessoo, Seensa, ibsa/qaama, xumuraafi cufaadha.

Kutaa xalayaa dhuunfaa

a. _____

b. _____ 1

c. _____

d. _____

e. _____ 2

f. _____

_____ 3

_____ 4

_____ 5

_____ 6

_____ 7

Ibsa lakkoofsotaafi qubeewwan waraqaarraa

1. Teessoo nama erguu
 - a. Lakkoofsa saanduqa poostaa
 - b. biyya
 - c. guyyaa barreeffame
2. Teessoo nama ergamuuf
 - d. Lakkoofsa saanduqa poostaa
 - e. maqaa
 - f. biyya
3. Nagaa gaaffii
4. Keeyyata seensaa
5. qaama (ibsa) xalayaa
6. Xumura xalayaa
7. Cufaa
 - g. Nagaa dhaamuu (Nagaa Wajjiin)
 - h. Mallattoo nama barreessee
 - i. haala firoomaa

Barannoo Shan: Seerluga**Gilgaala 10: Shaakala sirna tuqaalee**

A. Sirna tuqaalee gabatee keessatti kennaman himoota 1-5 jiran keessatti bakka barbaachisu galchuun irra deebi'ii barreessi!

:	,	;	-	/	.	''	
---	---	---	---	---	---	----	--

1. Barsiisaan nidubbisa barattoonni nidhaggeeffatu Baacaan nikolfa
2. Kitaaba keessan Boqonnaa 4 fuula 43 baasaa dubbisaa
3. Meeshaaleen barnootaa dabtara kitaaba qalama sarartoo...fa'a.
4. Barattoonni kutaa 5ffaa 'A' barachaa jiran Boonsaa Baaccuu Kumasaafi kanneen hafanis nijiru.
5. Barsiistuun jechoota tishoo keessaa rogsadee sablammii mata dureefaa barreessiteerti.
6. Eebbasaan paastaa nyaachuu jaalata.

B. Mallattoolee kanneen armaan gadii maqaa isaanii barreessi!

1. ! 2. , 3. ; 4. : 5. –

Sirna Tuqaalee

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika/ergaa barreeffamaa ifa taasisanidha. Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu baannee, walumatti fufnee barreessinee, yaadni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramu ykn yaadonni waliin deeman kam akkata'aanifi kkf beekuun rakkisaa ta'a. Barannoo kana keessatti tajaajila tuqaafi buufata xiqqaa qooduu tuqa lamee waraabbii qeenxeeffii sarara xiqqaa barattu.

A. Qoodduu (,)

Qoodduun sirna tuqaa hima keessatti yeroo baay'ee fayyadamnuudha. Innis, haala armaan gadiitiin mul'ata.

1. Hima keessatti jechoota walfakkaatan adda baasuuf gargaara.

Fkn. Obseen gabaa deemtee, mosee, qullubbii adii, jinjibilaafi soogidda bitte.

2. Ciroo hirkataafi ofdanda'aa adda baasuuf

Fkn. Kumaan waan tokkoffaa baheef, kitaaba badhaafame.

3. Baraafi guyyaa addaan baasuuf

Fkn. Olyaad Amajjii 12, 2002 dhalate.

B. Qoodduu jabaa / buufata xiqqaa (;)

Qoodduu jabaan himoota garaagaraa ofdanda'oo ta'an, yaadaan kan waliin deeman, caasaafi yeroon walmadaalan gidduu galuun walqabsiisa.

Fkn.

Bokkaan roobuu danda'a; uffata dabaladhu.

Caalaan nibarreessa; Iftuun nidubbisti.

C. Tuqlamee (:)

1. Tuqlameen barreeffama keessatti dhimma barreessan haala adda addaan ibsuufi kan itti aanee dhufu jiraachuu agarsiisa.

Fkn.

-Obbo Araarsoon ilmaan dhiiraa sadii qaba: *Marsiimooy,*

Olyaadiifi Amaanoo jedhamu.

-Waan sadii kabaji: *eenyummaakee, aadaakeefi afaankee.*

2. Sa'aatiifi daqiiqaa addaan baasuuf

Fkn. 2:30

3. Lakkoofsa reeshoodhaan kaa'uuf

Fkn. 2:5, 1:1, ...

D. Mallattoo waraabbii qeenxee (‘ ’)

Kun immoo jechi tokko xiyyeeffannoon kennamuufii kan qabuufi jecha afaan biroo akkuma jirutti afaan Oromoo keessatti yoo fayyadamne mallattoo waraabbii qeenxee keessa keenya.

Fkn. Feenet 'bargarii' nyaachuu jaalatti.

Inni biraa immoo, waraabbiin waraabbii keessaa mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.

Fkn. "Waa'ee Uummata Oromoo sirriitti yoo beekuu barbaadde, kitaaba 'Seenaa Uummata Oromoo hanga jaarraa 16ffaatti' jedhu dubbisi," jedhe barsiisaan.

E. Sarara xiqqaa (-)

Jecha tishoo ykn jechoota jecha lama irraa ijaaraman gidduu galuun walqabsiisuuf gargaara.

Fkn.

-Sar-diida, rog-sadee, sub-lammiifi kkf

-Maxxatuu ta'uu agarsiisuufi jechi tokko karaa waa maxxanfachuu danda'u mul'isuuf

Fkn.-ota, -oota, -e, deem-, ...

Gilgaala 11: Shaakala Birsaga baay'ee walxaxaa qoqqooduu

Jechoota armaan gadii birsagatti qoqqoodi!

1. barbaachisummaa
2. kottoonfachiisan
3. dubbachiiftuu
4. dhaggeeffattoota
5. tarkaanfachiisan

Gilgaala 12: Shaakala Garee Jechootaa

A. Jechoota maqaa, maqibsii, guchima, gochibsi, durduubee ta'an shan shan barreessi!

Maqaa

Fakkeenya: Meetii , Mootii, siree

Barattoota: kanneen hafan hunda haaluma kanaan hojjedhaa!

1. Maqibsii _____.
2. Gochima _____.
3. Gochibsa _____.
4. Durduubee _____.

B. Jechoota armaan gaditti tareeffaman tartiiba qubee eeguun akka galmee jechaatti tartiibessi barreessi!

yaada	gocha	barnoota	muka	aduu
bara	dararaa	jalqaba	Abdii	baala
caaccuu	daaraa	eelee	faaruu	galaana
haroo	hore	laagaa	marga	naannoo
karra	kakuu	Ogummaa	qaama	qaroo warra

Fakkeenya: Abdii, aduu, ...

Gilgaala 13: Shaakala Hennaa Ammeennaa**A. Himoota armaan gaditti tarreeffaman hennaa ammeennaa isa kam akka ta'an adda baasi fuuldura isaaniitti barreessi!**

1. Barattoonni barreessaa jiru.
2. Torbee dhufu battallee qabdu.
3. Mucaan harma hodhaa jira.
4. Biiftuun karaa bahaa baati.
5. Beektuun uffata miicaa jirti.
6. Lubbu qabeeyyiin soorata malee hinjiraatan.
7. Finfinneen magaala guddoo Oromiyaati.
8. Isheen guyyaa guyyaa kubbaa taphatti.
9. Saawwan marga nyaachaa jiru.
10. Guyyaan Roobiitti aanee jiru Kamisa.
11. Toltuun galgal galgala niqu'atti.
12. Konkolaataan deemaa jira.

B. Jechoota yookiin gaaleewwan armaan gadii keessaa filachuun himoota shan ijaari!

Bishaan	Adaamaa	Nyaata	Lubbuqabeeyyii
Qilleensa	Buna	Qarshii	madda

Fkn.

Bishaan lubbuqabeeyyii hundaaf barbaachisaadha

- | | |
|----|----|
| 1. | 4. |
| 2. | 5. |
| 3. | |

Yaadannoo

Hennaa

Hennaan yeroo gochi tokko itti raawwatamu yookiin dubbiin tokko itti taasifamu kan agarsiisuudha. Akkasumas, tajaajila caaslugaa kan yeroo raawwii agarsiisuudha. Afaan Oromoo keessatti hennaan bakka gurguddoo saditti qoodama. Isaanis, **hennaa ammaa**, **henna darbeefi hennaa dhufu** yoo ta'an, tokko tokkoon isaanii bakka adda addaatti qoodamu. Kutaa kanatti kan barattan hennaa '**ammaa**' keessaa hennaa '**ammeennaa**' dha.

Hennaa Ammeennaa

Hennaan ammeennaa gocha amma raawwatamaa jiru ibsa. Fkn. Boruufis hojii manaa hojjetti.

Fkn. Booranaan kitaaba dubbisa.

Hennaan ammeennaa wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'e yookaan gocha yeroo mara dhugaa ta'e agarsiisuuf tajaajila.

Fkn.

Ibiddi nama guba.

Finfinneen magaala guddoo Oromiyaati.

Hennaan ammeennaa gocha gara fuulduraatti raawwatamuuf jiru addeessuuf oola.

Fkn.

Barnoonni sa'aatii lamaatti eegala.

Wiixata wayitii tokkoffaatti qormaata qabdu.

Hennaan ammeennaa gocha irra deddeebii agarsiisuuf tajaajila.

Fkn. Bariiteen ganama ganama mana barumsaa deemti.

BOQONNAA TORBA

SABQUNNAMTII

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadiif deebii isaa afaaniin kenni!

1. Barsiisaan/tuun keessan wanta isiniif dubbisan hordofuun ergaa ijoo isaa irratti mari'adhaa!
2. Namoonni odeeffannoo maaliin waliif dabarsu?
3. Galaalcha yookiin barruulee dubbistee beektaa? Yoo dubbistee beekta ta'e odeeffannoo maalii irraa argatte?

Gilgaala 2: Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa caatoo armaan gadii jechoota sirrii ta'aniin guuti!




Gilgaala 3: Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii “Dhugaa” yookiin “Soba” jechuun deebisi!

1. Yeroo ammaa akaakuun sabqunnamtii barreeffamaa baay’atee jira.
2. Barreeffamni meeshaalee sabqunnamtii umrii dheeraa qabudha.
3. Kitaabni nama tokko qofaan qophaa’a.
4. Galaalchiifi barruuleen ji’a ji’aan maxxanfamuu danda’u.
5. Sabqunnamtiin barreessaafi dubbisaa walitti fida.
6. Meeshaaleen sabqunnamtii biyyoota walirraa fagoo jiran jidduutti odeeffannoo deddeebisuu hindanda’u.
7. Tekinoolojiin babal’achuun barreeffamni gara kompiitaraatti ce’ee jira.
8. Qabiyyeen kitaabni qabatu dhimmoota yeroo dheeraa irratti kan xiyyeeffatudha.
9. sabqunnamtii barreeffamaan kan ergaa dabarsuufi fudhachuu danda’u nama barreessuufi dubbisuu danda’u qofa.
10. Barreeffamni baattoo muuxannoofi beekumsaati.

Barannoo Lama: Dubbisuufi Barreessuu

Gilgaala 4: Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi!

1. Fakkii kennamerraa maal hubatta?
2. Televizyiniin faayidaa maalii qaba?



Gilgaala 5: Gaaffilee armaan gadii dubbisicha dubbisaa bakka duwwaa siif kenname irratti barreessuun guuti!

1. Meeshaalee sabqunnamtii keessaa ijaafi gurraan kan dhiyaatu _____ jedhama.
2. Televiizyiniin, _____ fi _____ walitti qindeessuun hordoftootaaf dhiyeessa.
3. Televiizyiniin Itoophiyaa seenuun tajaajila erga kennuu jalqabe _____
4. Buufanni televiizyiniin biyya keenyaa sagantaa
baafachuun maal maal hawaasa barsiisaa jira?

Sabqunnamtii

Televizyiniin meeshaa Sabqunnamtii ijaafi gurraan hordofamu keessaa isa tokko. Fakkii ilaalamuun, barreeffama dubbifamuufi oduu dhaggeeffatamu walittii qindeessuun hordofoota isaa biraan si'a tokkotti gaha. Kana gochuunis meeshaalee Sabqunnamtii kanneen biroo caalaa filatamaa isa taasisa. Meeshaan kun gara biyya keenyaa galuun tajaajila kennuu erga jalqabee bubbuleera. Yeroo ammaa kanas naannooleen tokko tokko buufata televizyiniin kan mataa isaanii qabu. Buufannii kunniin martiinuu bifa adda addaatiin uummata tajaajilaa jiru. Aadaafi afaan sabaaafi sablammootaa ittiin dagaagfataa jiru. Magaalaa Finfinnee keessatti akka fakkeenyaatti televizyiina FIBfi OBS fa'a yoo fudhanne aadaafi seenaa uummata Oromoo bira darbee kan biyyattiifi addunyaallee waa hedduu akka barannu nu gargaaraa jiru.

Buufanni Televiizyiniin biyya keenyaa hundinuu sagantaa mataa isaanii baafachun uummata barsiisaa jiru. Fakkeenyaaf, tiraafikii ilaalchisee seeraafi mallattoolee jiran ittiin barsiisu. Balaawwan gahanis uummataaf dhiyeessuun akka ilaalanii irraa baratan, barattoonniifi hawaasni of eeggannoo akka taasisaniif waa heddu hojjechaa jira.

Kana malees dhaloonni akka tekinooolojii ammayyaa waliin tarkanfataniif karaalee hedduun dabarsaafii jiru. Kanaafis akkaataa itti fayyadama kompiitaraa ilaalchisee kan Televiizyiniin Itoophiyaa dabarsaa tureefi jiru eeruun nidanda'ama. Dabalataanis, Televiizyiniiseera ittiin bulmaataanibarsiisa. Akkamittimiseensonni hawaasaa fayyaa dhuunfaatiifi fayyaa hawaasaa akka eeguu danda'an hubachiisa.

Akkasumas, buufanni kunneen odeeffannoo uummanni keenya hinbeekne beeksisuun gahee olaanaa taphatu. Isaan keessaa karaan tokko oduu guyyaa guyyaan jiru sa'aatii isaa eeguun dhiheessudha. Oduun kun wantoota haarawwaa addunyaarratti ta'an, argannoo, gochoota raawwatamaniifi taateewwan uumaman kan ilaallatuudha. Balaan adda addaa dhiibbaa uumamaa yookiin gocha namootaatiin yoo raawwate sagantaa oduu irratti darba. Bulchitoonni addunyaa kanaa yoo walgahan, yoo walii galan, yoo walvidan yookiin walitti bu'an oduu ta'ee dhiyaata. Labsiin yoo bahe, buufata kanneeniin uummanni akka beeku godhama.

Kana malees, buufanni kunneen sagantaalee hedduu dhiyeessuun uummata bashannansiisaa jiru. Kanaafis, sirboota biyya keessaafi biyya alaa torbee torbeedhaan yookiin torbeetti al-lamaaf dhiyeessu. Sagantaalee adda addaa jidduu galchuudhaanis akka daawwattoonni bohaaran taasisu. Dabalataanis, baacoofi diraamaa yookiin do'iis nidhiyeessu. Taphoota kubbaa miilaa kan biyya alaa darbanii darbanii ni agarsiisu. Sagantaalee kanaanis daawwatoota isaanii bashannansiisaa barsiisu. Walumaagalatti, karaa sabqunnamtiitiin, odeeffannoo taateewwan addunyaa jiraannu keessatti raawwatamuufi barnoota nuuf dabarsu ittiin argannudha.

Gilgaala 6

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisicharratti hundaa'uun “Dhugaa” yookiin “Soba” jechuun deebisi!

1. Meeshaalee sabqunnamtii keessaa tokko televiizyiniidha..
2. Televiizyiniin meeshaalee sabqunnamtii keessaa filatamoodha.
3. Buufanni Televiizyiniin martinuu bifa tokkoon uummata tajaajilu.
4. Hawaasa barsiisuu irratti gaheen Televiizyiniin laafaadha.
5. Oduun sagantaa Televiizyiniin dhiyaatu yeroo hunda sa'aa isaa eegee dhiyaata.

B. Gaaffilee armaan gadii dubbisicharratti hundaa'uun barreeffamaan deebisi!

1. Meeshaalee sab-qunnamtii kanneen jedhaman eenyufa'a?
2. Yaada ijoo barreeffama kanaa gabaabsii barreessi!

Barannoo Sadi: Barreessuu**Gilgaala 7**

A. Mataduree armaan gadii keessaa tokko filachuun akka gaazexeessaatti barreessii dhiyeessi!

- a. Tapha Kubbaa Miilaa
- b. Koronaa /Kooviidii 19/
- c. Mana Barumsaa
- d. Hidha Laga Abbayyaa

B. Mana kitaabaa yookiin bakka wanti dubbifamu jiru deemuun:

1. Gaazexaa tokko fudhachuun

- ✓ Maqaa gaazexichaa
- ✓ Guyyaa itti maxxanfame
- ✓ Mataduree gurguddoo
- ✓ Odeeffannoo fuula jalqabaarra jiru
- ✓ Baay'ina fuulaafi wanta dabalataan barsiisaan isin ajajan barreessuun dareef dhiyeessi!

2. Kitaaba tokko filachuun

- ✓ Mata duree kitaabichaa
- ✓ Maqaa barreessaa kitaabichaa
- ✓ Baay'ina fuulaa
- ✓ Mata duree gurguddoo kitaabichaa barreessuun barattoota dareef dhiyeessi!

C. Meeshaalee sabqunnamtii siif kennaman akkamitti akka fayyadamtu barreessi!

Fakkeenya Barruulee nidubbisna.

Sirba nidhaggeeffanna.

1. Gaazexaa _____.
2. Bilbila _____.
3. Fiilmii _____.
4. Diraamaa _____.
5. Televiziyinii _____.
6. Raadiyoonii _____.
7. Kitaaba _____.
8. Ibsa barsiisaa/ -tuu _____.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8

A. Jechoota armaan gadii haala hiika isaaniitiin walitti firoomsi!

A

1. qaroomina
2. gahee
3. diraamaa
4. baacoo
5. akaakuu
6. carraa
7. ergaa
8. gaazexaa
9. bubbule
10. dhimma

B

- a. hiree
- b. qoosaa
- c. ture
- d. ammayyaa
- e. do'ii
- f. haajaa
- g. gosa
- h. qooda
- i. dhaamsa
- j. galaalcha

B. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika galumsa isaanii filadhu!

1. Biqilaan yeroo mara sagantaa raadiyoonii filannoo sirbaa hordofa.
 - a. qophii b. karoora c. mara
2. Televiiziyiniin odeeffannoo bal'aa sagaleefi suuraan deeggaramuun hawaasaaf dabarsa.
 - a. qajeelfama b. waan wayitawaa c. gargaaramuun
3. Obsinaan konkolaataan imaluu jaalata.
 - a. deemuu b. kufuu c. ilaalu
4. Tamsaasni televiiziyinii hordoftoota hedduu qaba.
 - a. dubbistoota b. daawwatoota c. barreessitoota
5. Bulchitoota addunyaa jidduutti waldiddaan yoo uumame oduu ta'ee dhiyaata.
 - a. waliigaltee b. walitti bu'insa c. tokkummaa
6. Itti fayyadamni sab-qunnamtii xiyyeeffannoo argachuu qaba.
 - a. argannoo b. kallattii c. fuulleffannoo
7. Televiiziyiniin seera ittiin bulmaataa nibarsiisa.
 - a. haajaa b. dhimma c. danbii
8. Teekinooloojii baraa wajjin tarkaanfachuun ammayyummaa agarsiisa.
 - a. Deemuu b. miila kaasuu c. tirachuu
9. Barreeffamni dur waraqaarraa dubbifamaa ture meeshaa sabqunnamtii ammayyaa irraa dubbifamuu jalqabeera.
 - a. dubbifameera b. tureera c. eegaleera
10. Fageenya ofii eeganii socho'uun dhibee koroona irraa nama baraara.
 - a. walirraa siquu b. walitti dhiyaachuu c. waltuttuquu

C. Bakka duwwaa himoota armaan gadii jechoota kennamaniin guuti!

oduu

guddina

sagantaa

tamsaasa

muuxannoo

Televiizyiniin

ammayyaa

1. Barreeffamni _____ saayinsiifi teekinooloojii waliin walqabatee bifa fooyya'aa ta'een dhiyaachaa jira.
2. _____ meeshaalee sabqunnamtii keessaa isa tokko ta'ee odeeffannoo wayitawaa dabarsa.
3. raadiyoonidhaan darbu irraa barumsa hedduu arganna.
4. Maanguddoonni _____ isaanii irraa ka'uun ijoollee gorsuu qabu.
5. Televiizyiniin yeroo tokko tokko kallattii dabarsa.
6. Dhaloonni ammaa teekinooloojii waliin deemuu qaba.
7. Barattoonni waliin qayyabannaa qabaachuu qabu.

Barannoo Shan: Seerluga

Himoota armaan gadii keessatti kanneen jala sararaman hubadhu!

- Moonenuus **akka** fardaa fiiga.
- Firiikeet muka **jala** jirti.
- Biliseen **gara** mana barumsaa deemte.
- Leenci bosona **keessa** jiraata.
- Namni hundinuu guddina**af** tumsuu qaba.
- Naataan dhagaad**haan** mana ijaare.

Himoota armaan olii keessatti kanneen gurraacheffamanii barreeffaman **durduubee/ firoomsee/ jedhamu.**

Durduubee/firoomsee/ jechuun garee jechootaa keessaa tokko ta'ee, jecha tokko dura yookiin booda galuudhaan tajaajila gochibsaa kan kennuudha. Durduubeen tajaajila isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu. Isaanis: durduubee ofdanda'oofi hirkatoodha.

1. Durduubee Of danda'oo

Durduubee ofdanda'oo jechuun ofdanda'anii hiika mataa isaanii kan qabanidha. Isaanis:

gara akka waa'ee cinaa keessa wajjin booda duuba irra jala

Fakkeenya Soolaneen **akka** haadha ishee barumsaan cimtuudha.

Taliilaan obboleettii isaa **wajjin** barata.

Barattoonni **waa'ee** barnoota isaanii mari'achaa jiru.

2. Durduubee Hirkatoo

Akaakuun durduubee kanaa immoo ofdanda'anii hiika kan hinqabnedha. Isaanis:

Fakkeenya Hundeen taaksidhaan Birbirsaa Gooroo deeme.

Bultoon harmee isaatiif huccuu bite.

Gilgaala 9

A. Himoota armaan gadii keessaa jechoota durduubee qaban adda baasi!

1. Firaa'ol eeboodhaan leenca ajjeese.
2. Barattoonni mana barumsaa isaanii keessatti cireefi laaqana nyaatu.
3. Isaan kutaa bulchiinsa magaalaa Lammii Kuraa keessa jiraatu.
4. Barsiisaan barattootaaf hoj-manee kenne.
5. Mana cinaatti saree hidhe.

6. Qarshii isheetti ergi.
7. Kitaabni minjaalarra jira.
8. Ganamaan mana barumsaa deemuu qabda.
9. Qamaleen muka jala dhokatte.
10. Firoomsaan gara Qarsaa deeme.

B. Jechoota armaan gadiirraa durduubee baasi!

1. manatti
2. ijaarsaaf
3. mana duuba
4. uleedhaan
5. sireerra

C. Durduubee armaan gadiitti fayyadamuun himoota barreessi!

1. akka simbiraa
2. mukaan
3. gaara gubbaa
4. waa'ee
5. – tti

BOQONNAA SADDEET

KOORNIYAA

Barannoo tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Dubbisa dhiyaate osoo hindhaggeeffatiin dura gaaffilee armaan gadiitti kennaman afaaniin deebisi!

1. Mana keessanitti gaheen hojii dhiiraafi dubartii jedhamuun qoqqoodame jiraa? Yoo jiraata ta'e walitti himaa!
2. Ati hojii akkamii hojjechuun maatii kee garagaarta?
3. Matadureefi fakkii dhiyaate irraa ka'uun dubbisicha dhaggeeffachuuf deemtu irraa maalan baradha jettee yaadda?



Gilgaala 2: Gaaffilee kanaa gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’ii deebisi!

1. Biqiltuun akkuma hirribaa kaateen hojiin ishee jalqabaa maali?
A. biqiltuu bishaan obaasuu C. ittoo hojjechuu
B. eelee o’iftee biddeena tolchuu
2. Hojiin ittoo hojjechuu gahee eenyuuti?
A. Dachaasaa C. Afi B
B. Biqiltuu
3. Biqiltuufi Dachaasaan ganamaan hojii isaanii erga xumuranii booda maal raawwatu?
A. fuula dhiqatu C. bishaan waraabu
B. maatii dammaqsu
4. Biqiltuufi Dachaasaan meeshaalee itti fayyadamaa turan walgargaaranii dhiqanii kaa’u.
A. Dhugaa B. Soba
5. Dachaasaafi Biqiltuun erga irbaata nyaatanii booda maal hojjetu?
A. nirafu C. niqayyabatu
B. hoj-manee hojjetu D. Bfi C
6. Ergaan walii gala dubbisa kanaa maali?
A. ittoo hojjechuu C. buna danfisuu
B. walqixxummaa dhiiraafi dubaraa

Gilgaala 3: Haala fakkeenya siif kennameetiin walitti firoomsi!

Deebii tokkoo ol ta'uu nidanda'a.

Fakeenya Ilkaan rigachuu

Daa'ima kunuunsuu

Ittoo hojjechuu

Irbaata qopheessuu

A

1. bishaan

2. fuula

3. buna

4. biddeena

5. qullubbii

6. eelee

7. mana barumsaa

8. hirribaa

9. ciree

10. meeshaalee

11. uffata

B

A/ tolchuu

B/ waraabuu

C/ dhiqachuu

D/ akaa'uu

E/ dhiquu

F/ mummuruu

G/ o'isuu

H/ deemuu

I/ uffachuu

J/ ka'uu

k/ nyaachuu

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4: Falmii Gaggeessuu

Fakkeenya barattoota lamaan armaan gadii ilaaluun mata duree isiniif dhiyaate keessaa tokko filachuun afaaniin falmii gaggeessi!

1. Hojii mana keessaa hojjechuun gahee dhiiraa moo gahee dubartiiti?
Daa'ima kunuunsuun gahee dubaraa moo kan dhiiraati?

Fakkeenya armaan gadii ilaaluun falmii gaggeessaa!

Haadha moo Abbaatu caala?

Barataa Galaanaa

Kabajamoo Dura taa'aa!

Kabajamtoota Abbootii seeraa!

Kabajamtoota Dhaggeeffattoota

Har'a yaada "Haadhatu abbaa caala" jedhu falmuf carraa argachuu kootiif gammachuu guddaatu natti dhagahama.

Jireenya mana keessaa keessatti haati, maatii ifaajjiin ifaajeen isheen taasiftu waan akka salphaatti ilaalamu miti. fakkeenyaaf, daa'ima kunuunsuu guddisuu, biddeena tolchuu, ittoo hojjechuu, buna danfisuu uffata miiccuufi kkf gochuun maatii jiraachisuu keessatti abbaa caalaa haati barbaachiftuu ta'uu ishee waan shakkisiisu miti. Kanaafuu, abbaarra haadhatu caala.

Barattuu Hawwii

Kabajamoo Dura taa'aa!

Kabajamtoota Abbootii seeraa!

Kabajamtoota Dhaggeeffattoota

Har'a yaada "Abbaatuu haadha caala" jedhu falmuuf carraa argachuu kootiif gammachuu guddaatu natti dhagahama.

Abbaan maatii gaggeessuufi wantoota barbaachisaa dhiyeessaa jiraachisuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.. Miseensota maatii hunda ija tokkoon ilaalaa haala walqixa ta'een kan gaggeessudha. Fakkeenyaaf, gabaa deemuun uffata , kophee, dabtara ,qalama kkf bituun ijoolleen isaa barataniid iddoo gaarii akka gahaniif shoora guddaa kan taphatudha. Kanaafuu, haadharra abbaatu caala.

Yaadannoo

Qajeelfama falmii: Falmii yemmuu gaggeessitu qabxiilee armaan gadii qalbeeffadhu!

- ☐ Yaadaan malee namaan akka hintaane beeki!
- ☐ Lolaafi jibbaan akka hintaane ofeeggadhu!
- ☐ Moo'uudhaaf ragaa si barbaachisu qabadhu!
- ☐ Yeroo siif kennametti fayyadami!
- ☐ Walii loogii malee murtiin kennamuu qaba!
- ☐ Yaada garee biraa obsaan dhaggeeffadhu!
- ☐ Walkabajuun barbaachisaadha!

Barannoo Sadi: Dubbisuufi Barreessuu

Gilgaala 5: Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate osoo hin dubbisin qabxiilee armaan gadiirratti mari'adhaa!

1. Fakkii armaan gadiirraa maal hubatta?
2. Hojiin dhiiraafi dubartii maal ta'uu qaba jettee yaadda?



Gilgaala 6: Dubbisa dubbisaa bakka duwwaa armaan gadii guuti!

1. Koorniyaa addaaddummaa ilaalcha hawaasni _____ fi _____ f qabudha.
2. Hojii dhiiraafi dubartii jechuun qoqqooduun _____ hawaasaa hordofa.
3. Biyyoota _____ hojii dhiirri hojjetu biyya keenyatti immoo hojii dubartii ta'uu nidanda'a ta'a.
4. Guddinni biyya tokko hirmaannaa _____ malee fiixa bahuu hindanda'u.

Koorniyaa

Koorniyaan addaa addummaa ilaalcha hawaasni dhiiraafi dubartii jidduu jiruu qabudha. Kana jechuun koorniyaan fedhiifi haala naannawaatiin kan murtaa'udha. Hojii dhiiraafi dubartii jechuun qoqqooduun barsiifata hawaasaa hordofa. kunis, haala saayinsawaa yookiin uumama irratti kan bu'ureeffame miti jechuudha.

Gaheen koorniyaa lamaaniif qoodaman hundi isaanii aadaa hawaasa keessa jiran irratti hundaa'aniiti. Gaheen kunis bakkaa bakkattiifi sabaa sabatti garaagarummaa kan agarsiisaniifis kanumaafi. Fakkeenyaaf, biyyoota Awurooppaatti hojii dhiirri hojjatu biyya keenyatti immoo, hojii dubartii ta'uu nidanda'a ta'a. Akkuma beekamu biyya keenya keessatti nyaata qopheessuun, huccuu miiccuun, mana qulqulleessuufi daa'ima kunuunsuun hojii dubartiiti jedhama. Qoqqooddiin akkanaa walqixxummaa dhiiraafi dubartii haala. Kaka'umsa dubartoonni hojii misoomaaf qaban nixiqqeessa; gahee isaan guddina biyyaafi naannawaa keessatti qabanis nidadhabsiisa. Haala kanaan hojii mana keessaa qofatti akka daanga'an taasisa.

Haata'u malee, guddinni biyya tokkoo hirmaannaa dubartootaa malee fiixaan bahuu hindanda'u. kanaafuu, barsiifanni walqixxummaa dhiiraafi dubartootaa hinmul'isne kaka'umsa namoota hundaatiin hafuu qaba. Dubartoonnis mirga isaanitiif qabsaa'uu qabu.

Walumaagalatti, hawaasni ilaalchawwan dogoggoraa “Hojiin kun kan dhiiraati; kun immoo kan dubartiiti” jedhu dhiisee walgargaaree hojjechuu kun immoo kan dubartiiti” jedhu dhiisee walgargaaree hojjachuu qaba. Isaan kana immoo, hawaasa hubachiisuun gahee warra hubateeti.

Gilgaala 7: Gaaffilee armaan gadii dubbisarratti hundaa'uun filadhuu deebisi!

1. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?
 - a. Hojii mana keessaa uumamaan dubartiif kenname.
 - b. Hojiin alaa uumamaan dhiiraaf kenname.
 - c. Dhiiraaf dubartiin uumamaan walqixa.
2. Qoqqoodinsi hojii walqixxummaa dhiiraafi dubartii _____.
 - a. dhugoomsa b. walitti fida c. haala
3. Gaheen koorniyaa lamaaniif qoodaman hundi isaanii aadaa hawaasa keessa jiran irratti hundaa'aniti.
 - a. Dhugaa b. Soba
4. Guddinni biyya tokkoo hirmaannaa eenyuutiin guddachuu danda'a?
 - a. Hirmaannaa dhiiraafi dubartootaa b. Hirmaannaa dhiiraatiin
 - c. Hirmaannaa dubartootaatiin
5. Hojiin kun kan dhiiraati yookiin kan dubartiiti jechuun maal agarsiisa?
 - a. walqixxummaa dhiiraafi dubartii b. qoqqoodiinsa dhiiraafi dubartii

Gilgaala 8

A. Himoota armaan gadii tartiibessuun sirreessii barreessi!

1. Ciree qophaa'e waliin nyaatanii buna dhugu.
2. Dachaasaan ganamaan ka'ee mana qulqulleessa.
3. Itti aansuun ittoo hojjete, buna danfisa.
4. Dhumarratti gara mana barumsaa deema.
5. Maatii isaa hirribarraa dammaqsa.


B. Himoota A jalatti tartiibessuun sirreessiterratti hundaa’uun keeyyata gabaabaa tokko barreessi!

Dachaasaan ganamaan ka’ee mana qulqulleessa. _____

Barannoo Afur: Fayyadama jechootaa

Gilgaala 9

A. Caatoo armaan gadii jechoota ergisaa tekinooolojii waliin walqabatan haala fakkeenya siif kennameen guuti!



A. Gabatee armaan gadii jechoota ergisaa ta'aniin guuti!

L.K	Jechoota ergisaa
1	Ispoortii

C. Jechoota ergisaa armaan oliitti fayyadamuun himoota ijaari!

Fakkeenya

1. Afaan Oromoo sagantaa **raadiyoon** darbu dhaggeeffachuun natti tola.
2. _____.
3. _____.
4. _____.

Barannoo Shan: Seerluga**Gilgaala 10: Himoota armaan gadii keessatti kanneen jala sararaman qalbeeffadhu!**

A. Simboon mana barumsaa deemte.

B. Kumarraan ciree isaa nyaate.

Himoota armaan olii keessatti kanneen jala sararaman gochimootadha. Gochima jechuun gochaan tokko raawwachuu isaa kan agarsiisudha.

A. Himoota armaan gadii keessaa gochimoota jala sarari!

1. Habiibaan xaafii bitte.
2. Nuyi laaqana nyaanne.
3. Barnoonni doofummaa balleessa.
4. Dura bu'aan barattoota isaa gorse.
5. Barsiisaan hojii manaa kenne.
6. Ispoortiin aadaa nama bashannansiisa.
7. Irreechi waqtii Arfaasaafi Birraa kabajama.
8. Dhibeen koronaa nama ajjeesa.
9. Nageenya biyyaa eeguun gahee nama hundaati.
10. Mana keessatti hojii walgargaaruun, barsiifata gaariidha.

B. Himoota armaan gadii keessaa gochimoota adda baasuun barreessi!

1. Isaan kaleessa galgala mana keenya dhufan.
2. Manni barumsaa keenya Fulbaana banama.
3. Barsiistonni mana barumsaa keenya guyyaa kaleessaa walgahii taa'an.
4. Gammanneen hiriyoota ishee baay'ee jaalatti.
5. Sangaan harqoota cabse.
6. Aadaa Oromoo keessatti haawwonni Siinqee qabatu.
7. Lagni Dhidheessaa guute.
8. Marartuun kitaaba ishee dubbisti.
9. Abdiisaan hojii manaa Afaan Oromoo barreesse.
10. Ijoolleen Obbo Ayyuubii barumsaan ciccimoodha.

C. Gochimoota siif kennamanitti gargaaramuun himoota ijaari!

deeman	uffatte	galte	nyaate	fiigan
dhugde	baate	daawwatan	murte	

1. Laliseen uffata aadaa uffatte.
- 2.
- 3.
- 4.
- 5.
- 6.
- 7.
- 8.
- 9.
- 10.

AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI
KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 5^{FFAA}



Kitaaba Barattootaa Kutaa 5^{FFAA}